

Qodaa Bishaanii Isa Urataa

Jeffersonville, Indiana, USA

64-0726E

1 Haa kadhannu. Yaa Gooftaa nuyi amma Si amanna. Ilma Waaqayyootti ni amanna, kanaanis karaa Isaa jireenya bara baraa arganna. Amma, har'a waaree booda—ykn galgala kana tajaajila biraatiif ammas walitti qabamneerra, ergaa fi waan biraa galgala kana nutti himtuuf Si amanannee dhufneerra. Yaa Gooftaa Si amanna, Si eegannas. Ati, "Warri Warri waaqayyoon abdiidhssn eeggatan garuu humni isaanii in haareffama; akka joobiraas baalleedhaan ol in ka'u" jetteett. Akkasumas, Waaqayyo, halkan yeroo Si eeggachaa jirru kanatti humna olka'uu sana akka nuuf kennituuf Si kadhanna.

Namoota kanaafi Si galateeffanna, waan isaan Siif ta'aniif waan isaan anaaf ta'aniifis Si galateeffanna. Kanaaf Sin galateeffadha Yaa Abbaa. Isaan faaya Kee ti. Akkasumas yaa Waaqayyo halkan kana karaa isaan barbaachisuun isaanitti akka of mul'iftuuf Sin kadhada. Kan dhukkubsatan yoo as jiraatan haa fayyan. Yoo shakkiin sammuu namaa keessa jiraate isa keessaa qulqulleessi Gooftaa, argamuun kee fi eebba kee qofa nuuf kenni, sababni isaas isaan kun nu barbaachisu, Gooftaa, dandeettiin keenya Si, Siin malee homaa gochuu hin dandeenyu.

Waan nuuf goote hunudumaf galata keenya akka nu harkaa fudhattuuf Si kadhanna. Maqaa Yesuus Kiristoosiin eebba Kee hawwiidhaan eeggannaa. Ameen. Taa'uu ni dandeessu.

2 Eeyyee, halkan Dilbata har'aa kan isa drabee darbe caalaa xiqqoo qabbanaa'eera. Kanaafuu obboloota keenya kana galchuuf amanamummaadhaan hojjetan baay'ee galateeffanna. Isaan keessaa nama lama ykn sadii nan beeka: Obboleessa keenya Maayik Egan, duuba sanatti isa argaan jira, akkasumas Obboleessa keenya Maayik fi Obboleessa keenya Sothmann, Obboleessa keenya Rooy Roobarsan, Obboleessa keenya Wuud, akkasumas warri hafan hunduu ergaa kana amma-ykn har'a akka qabaannuuf dafqa cophsanii kana galchuuf yaalaa turan. Kanaaf isaan galateeffanna.

3 Amma, Dilbata itti aanu ganama, yoo Gooftaan jedhe tajaajila fayyinaa, tajaajila kadhannaa dhukkubsattoota qabaachuun barbaada. Sagantaa tajaajila fayyinaa ni qabaanna, yoo Gooftaan fedhe.

Ganama kana huccuun dafqaa hedduun akka as ture hubadheera. Isaanif kadhadheera, anis.... Yeroo isin kadhachaa fi faarfachaa turtanitti, an huccuu dafqaa kanneeniif kadhachaan ture, halkan kana immoo kan sanarra caalutu as jira. Kanaaf Waaqayyo dhukkubsattoota akka fayyisu ni amanna, dhugaa ba'umsa gurguddaan baay'eetu nu gidduu, akkasumas guutuu addunyaa keessa jira. Kanaafis guddaa galateeffanna.

Egaa xiqqoo fagaachuu waanan hin oolleef, barsiisaa fi ergaa qofa irratti yeroo baay'ee qabannee waan turreefis, Dilbata dhufu tajaajila fayyisuu yoo qabaanne, dhukkubsattootaaf yoo kadhane waan gaarii ta'a jedheen yaade. Waaqayyos yeroo gaarii akka nuuf kennu ni amanna.

4 Amma, baay'een keessan halkan kana kiiloo meetira hedduu konkolaachiftanii galtu. Kanaaf har'a bakkan irbaata nyaachaa ture kaafteeriyaa 'Blue Boar'tti gurmuu namootaa wayiitti haasa'aan ture, isaan namoota baay'ee namatti tolan turan. Harka fuudhee nagaa isaan gaafachuudhaan isaanii wajjiin haasa'uu danda'eera, isaan namootan kanaan dura argee beeku miti, namoota haaraa waldaa kana dhufani dha. Firoota akkasii qabaachuu keenyatti nan gammada, tokkoon tokkoon keessan galateeffachuun barbaada. Gariin isaanii goraa (blackberry) ciranii nuuf fidanii dhufan. Namni tokko immoo shirooppii baaldii guutuu nuuf fidee dhufe—ykn 'molasses' jedhama natti fakkaata, wantoota kaanis.... Maal jechuu akka ta'e hin beektu. Ganama gaaf tokkoo hirriba irraa ka'ee manaa yummuun ba'u, yeroo tokko tokko....

5 Ganama gaaf tokkoo obboleessa jireenyi itti hadhoofta tokkotu achi ture, inni uffatas waan kan biraas hin qabu ture, kanaafis akkan deemee uffata isaaf fidu barbaade. Anis tasa yummuun tarkaanfadhutti, baaldii goraa bilchaataan guutuutti bu'een gufadhe. Anis, "Goraa kana situ fidee?" jedheen isa gaafadhe.

Innis, "Lakki, waawuu ana miti. An utuu aduun hin ba'in duraa jalqabee asan ture, innoo duraanuu asuma ture" naan jedhe. Namni naaf fides nama gaarii kan ta'e obboleessa koo Ruudel ture. Kanaafis wantoota kanneeniif galateeffachuun barbaada.

Biilii Pool yeroo muraasa dura akka natti himetti, namoota galgala kana waldaa kana keessa jiran keessaa, namoonni kennaa naaf fidanii dhufan akka jiran natti himee ture. Kanaafis isinan galateeffadha. Akkas akka gootan an hin barbaadun ture. Dhamaatii keessaniif isininan galateeffadhad, garuu sun barbaachisaa hin turre.... Hundumaafuu Gooftaan isin haa eebbisu. Hubadhaa, Macaafni Qulqulluun, "Warra hundumaa irra gadi deebi'an kana keessaa isa tokkoof kan hin godhin anaafis hin goone" jedheera.

6 Amma, ergicha baay'ee irratti xiyyeeffadheen isinitti dubbachaa ture, ani ... namoonni tokko tokko Yesuus ganama kana ykn galgala kana dhufa yaada jedhu jalan jira jedhanii yaaduu danda'u. Akkasittan yaadas! Amma, Inni hin dhufu hin jedhu. Ammas, Inni torban dhufu keessa dhufuu dhiisuu danda'a. Bara dhufus ta'uu mala. Waggaa kudhan booda ta'uu danda'a. Inni yoom akka dhufu ani hin beeku, garuu

wanti ani yeroo hundumaa sammuutti akka qabattan barbaadu tokko jira: daqiiqaa ykn sa'aatii hundumaatti qophaa'oo ta'aa, hubadhaa. Inni har'a yoo hin dhufu ta'e bor dhufuu mala. Kanaafuu sana qofa sammuu keessanitti qabadhaa, innis dhufaati Isaa ti.

Akkasumas yeroon koo kan lafa kanarraa inni dhumaa yoom akka ta'e hin beeku, nu keessaas namni tokkollee hin beeku. Inni yoom akka dhufus namni beeku hin jiru. Inni iyyuu Ofii Isaatii hin beeku. Yeroo Ani itti deebi'ee dhufu Abbaan koo duwwaatu beeka jedhee dubbateera; Ilmichi yoom akka dhufu hin beeku. Yeroo Waaqayyo deebisee nuuf ergu keessa jirra. Garuu dhufaati Isaa eeggachaa jirra. Dhaloota koo keessatti yoo dhufuu dhaabaate dhaloota itti aanutti dhufuu mala. Yoo isa sana keessa dhufuu dhaabaate isa itti aanutti ni dhufa. Garuu akka kootti, yeroon hafe waan jiru natti hin fakkaatu. Ani amma.... Akka yaada kootti, dhufaatiin Isaa daqiiqaa kamitti iyyuu ta'uu danda'a. Amma, sun... jechuu miti, kana jechuu miti, amma, isa waaqnii fi lafti itti jijjiiramu jechuu koo miti.... Sun dhufaati isa ani dubbachaa jiruu miti. Waa'ee ol butamuun dubbachaa jira.

7 Ilaalaa, Inni dhufaati sadiin raawwata. Inni Maqaa Ilmaa sadiin dhufa. Inni sadan tokkummaadhaan, Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluudhaan dhufa. Hubattaniittuu? Hundi isaa Kiristoos tokkicha ibsa, yeroo hundumaa Waaqayyo tokko.

Amma, hojii ayyaanaa sadii fiduuf akka Inni dhufu ni beekna: qajeelummaa, qulqullummaa fi cuuphaa Hafuura Qulqulluu. Wanti Waaqayyo keessa jiru hundinuu sadiin xumurama. Kanaafis jalqaba misirroo Isaa furuuf dhufa; ol butamuudhaan Misirroo Isaa fudhachuuf yummuu dhufu dhufaati lammaffaa ta'a; sadaffaa irratti immoo Misirroo Isaa wajjin deebi'ee dhufa, mootii fi mootittii ta'anii dhufu. Booda Yeroon sun yeroo namoonni hedduun dhufaati Isaa itti eegani dha. Garuu yummuu Inni yeroo kanatti dhufutti warra qophaa'an irraan kan hafe yoom akka deebi'ee dhufu eenyu illee beeku hin danda'u. Namoonni dhabamuu qofatu beekama. Waan isaan mudate hin beekamu. Isaan battalatti ol in fudhamu. Sunis.... Isaan libsuu ijaa keessatti ol fudhatamanii olis in butamu. Kanaafuu sanaaf qofaaf of qopheessaa. Ganama tokko nama jaallattan tokko of biraa dhabuun baay'ee suukaneessaa ta'uu mala, namni deebisee isaan argachuu hin danda'u. Ol butamuun dhufee darbee, erga isin jala darbee akka isin jala darbe beekuun baay'ee hamaa hin ta'uu? Kanaafuu fuula Waaqayyoo dura turuudhaan isa eeggadhaa.

8 Amma, torban dhufu yoo Gooftaan jedhe Wiixata irraa kaasee... torban Wiixata kanaa irraa eegalee, yoo fedha Waaqayyoo ta'e, maatii gara Arizoonaa bakka isaan mana barumsaa deemanitti deebisee geesseen, sana booda deebi'een dhufa.

Amma, ani achi hin turu.... Tajaajilan achitti tajaajilu hin qabu. Arizoonaa keessi baay'ee rakkisaadha; Bakka biraa gara biraa deemneera. Wiixata dhufu haadha manaa koo achittan geessa. Achiin boodas asitti nan deebi'a. As irraas gara Biritish Kolumbiyaa nan deema. Gara Koloraadottis nan deebi'a. Yeroo naannoo ayyaana Dhaloota Gooftaatti ammas Arizoonaa keessa yeroo muraasa qofaaf nan tura, turtiin guyyaa lamaa yookiin sadii ga'aadha, fedha Gooftaa yoo ta'e maatii wajjin ayyaana Dhaloota Gooftaa asitti dabasina, jala bultii bara haaraatiif tajaajila asitti nan qabaadha.

9 Egaa yerositti, qabatamaan asan jira.... Achirra dachaa kudhan caalaa asan jira, sababiin isaas waldaa yookaan tajaajila kamiyyuu achii hin qabnu, homaa tokko iyyuu achii hin qabnu—karaa tajaajila waldaa. Sun waan hamaa tokkodha; ijoolleen koo akka ijoollee keessanitti ergaa kana akka dhaga'aniif iddoon itti ergu hin qabu. Kanaafuu sun hir'ina nuyi qabnu keessaa isa tokko dha. Garuu hundi isaanii fayya-qabeeyyii dha. Haalli qilleensa achii goggogaa, ho'aa, gogaa ta'us ijoolleen hundi fayya qabeeyyii fakkaatu. Haala qilleensaa fayyaadhaaf mijataa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa beekuuf yeroo dheeraaf achi hin jiraanne. An kara kara deemaa dha, kara deemaa ta'een dhaladhee laata jedheen yaada.

Haati manaa koo akkas naan jetti.... (Isheen as akka jirtu nan beeka, kanaaf kana waldaan booda nan gaafadha, hundi keessan beektu.) Sun maal jedhama? "bubbee jijjiiramaa" ykn "qilleensa boqonnaa hin qabne" ykn waanuma fedhe, ni beektu, "cirracha iddoo tokko hin teenye," ykn.... jecha biraatiin yeroo hunda sochiirran jira, iddoo tokko gadi hin taa'u. Ani amma ergan fuudhee waggaa digdamii lama ta'eera, akkasumas ... yeroo tokko tokko naannoo manaatti keessummaan fakkaadha, sababiin isaas kara deemaa waanan ta'eef. Garuu gaaf tokko biyya dhaabatadhaan keessa jiraannu sana eegaan jira. Amma garuu qabsoon itti fufee jira, kanaaf kadhannaa keessa haa jiraannu.

10 Dilbata dhufu ganama, yoo Gooftaan, dhukkubsattoota fi warra rakkatan fiddanii dhufuu hin dagatinaa. Dafa kottaatii iddoo qabadhaa, sana booda tarii gareen kadhatamuufii qabu jiraachuu mala. Kaardii kadhannaa ni hirra. Yoo ni hanqata ta'e garuu kaardii kadhannaa hin kenninu, hiriira xiqqoo akka namoota kudha lama lama ykn sadii of keessaa qabu uumuunee kadhannaaf, sun qofti ga'aa ta'a. Garuu kaardii kadhannaa kennuun keenya hin oolu. Kanaafuu tajaajila idileetiin dura gara sa'aatii tokkoof kadhannaa gochuun keenya hin oolu, kunis kan jalqabu ... sa'aatii lamatti ta'a. Sa'aatii lamatti ykn lamaaf walakkaatti kaardii kadhannaa ni hirmaa, waldaa ni banama, WDilbata dhufu ganama kaardii kadhannaa ni kennu. Kanaafis asitti argamuu keessan hin dagatinaa—namoota jaallattan fiddanii dhufuu hin dagatinaa. Waldaatti ol seensisaa galchaa. Waldaa keessi haala gaarii fi qabbanaa'aa ta'a (yoo ni dhukkubsatu ta'e),

isaaniif kadhachuuf waan dandeenyu hunda ni goona.

Kennaa jaalalaa nuuf kennitaniif ammas galatoomaa jechuun barbaada.

11 Amma immoo, galgala kana sagalee Waaqayyoo keessaa iddoo tokko dubbisuuf deemna, Sagalee Isaa waan nuuf fiduuf ammas asitti argamuu Isaa simachuuf qophaa'aa jirra. Amma, caaffata tokko dubbisuu akka dandeenyu ni beekna, garuu Waaqayyo yaadrimee dubbicha mul'isuu qaba, ilaalaa. Barreeffama bannee dubbisuu dandeenya, garuu Waaqayyotu yaada ijoo dubbichaa namaaf ibsa.

Akkasumas amma Macaafa Ermiyaas, boqonnaa 2ffaa osooma banachaa jirtanii, Obboleessa koo Lee Vayle, obboleessa qaalii Gooftaa qabu akkasii qabaachuu kootti gammachuu guddaa akkan qabu dubbachuun barbaada, akkasumas obboleessi— as jira(Maqaa isaa yaadachuun dadhabe), Obboleessa keenya Wiilaard Kirees. Akkasumas obboloota Arkansas irraa dhuftan, Obboleessa keenya Joon fi isaan naannoo Poplar Bluff irraa dhuftan, akkasumas obboleessa keenya Bleir argaan jira. Akkasumas oo, Obboleessa keenya Jaaksan, Obboleessa keenya Ruudeel fi baay'een keessan kanan maqaa waamuu hin.... Maqaa nama hundumaa utuun waamee nan hawwa, garuu kana gochuu hin danda'u, isinis kana ni hubattu. Obboleessi keenya Been Biraayitan, as taa'ee jira nan arga. Yeroo baayyee inni "amen corner" kooti osoon.... Namni hundi Beniin sagalee isaatiin isa beeka.

12 Yeroo tokko Kaalifoorniyaa keessa taa'een, namoota Baaptisitootaa dachaa gammoojjii keessa jiraataniifan ergaa lallabaa ture. Isaan achii dunkaana bal'aa kan qaban yoo ta'an gosa Baaptisitootaa warra aristocratical ta'an baay'ee qabu turan. Achitti iddoo kamirraayyuu "ameeii" dhaga'uu hin dandeenye, ni beektu. Isaan waan sodaatan fakkaatu, dubartoonni tokko tokko waanuma qodaa meekaappii fuula isaanii irratti cabsan fakkaatu. Yeros wanti jalqaba beekuu qabdan, nama miila lama akkasitti qilleensa keessa ol kaasuu fi harka gurguddaa lama ol kaasu, nama mataa rifeensa gurraachaa raasaa, "Ameen!" jedhee iyyu tokkotu ture. Achi gadi ilaaleen; Anis, "Been, eessaa dhufte?" jedheen gaafadhe. Dhugumayyuu inni "Ameenii!" argateera.

Haati warraa isaa xiqqoo ija isaa keessa ilaalaa jirti, nan arga. Tole, rifeensi gurraachi sun amma xiqqoo keessa seenaa jira, garuu sun homaa miti. Waa'ee isaa yaadda'in. Kan koo erga molatee bubbuleera.

Kanaafis egaa amma, kadhachuu hin dagatinaa.

13 Amma, garaa qulqulluudhaan gara tajaajilaatti dhi'aachaa, Sagalee kana yoo dubbifne Waaqayyo Sagalee Isaa ni eebbisa. Inni duwwaa ta'ee gara Isaatti hin deebi'u, waan kaayyeffatee dhufeef ni raawwata malee. Dubbii Waaqayyoo dubbisuu keessattis, yeroo hundumaa sirrii akkan ta'u nan beeka. Yeroon Dubbicha dubbisu Waaqayyo Dubbii Isaa ni ulfeessa.

Amma, ulfina Dubbii Isaatiif ol kaanee haa dhaabannu, Ermiyaas boqonnaa 2ffaa, lakkoofsa 12ffaa fi 13ffaa haa dubbifannu.

"Yaa bantiiwwan waaqaa nana, wanta kana dinqisiifadhaa! Sodaadhaa, rom'aas! Kana anatu dubbate.

Sabni koo jal'ina lama hojjete; ana isa burqaa bishaan jireenyaa ta'e dhiisee, qodaa bishaanii isa urataa bishaan baachuu hin dandeenye in tolfate."

Mee amma mataa keenya mataa keenya gadi haa qabannu.

14 Yaa Waaqayyo jaallatamaa, Dubbii kee dubbifneerra, Sagalichas ulfeessitee galgala kana hiika Isaa akka nuuf kennitu Si kadhanna—ykn fakkeenya isaa akka nuuf kennituuf Si kadhanna, baroota darban ilaallee Israa'el akka fakkeenyaatti yoo fudhanne, akkuma Macaafni Qulqulluun nu barsiisutti, yeroo isaan Dubbichaaf abboomananitti waan Ati isaaniif goote arguu dandeenya, yeroo isaan Dubbichaaf abboomamuu didanittis maal akka Ati isaan irratti fidde ilaaluudhaan waan nutis gochuu qabnu irraa barachuu dandeenya. Kanaafuu halkan kana haala baay'ee adda ta'een akka nutti dubbattu, bara keessa jiraachaa jirru isa ganama kana baranne keessatti akkamitti akka of geggeessinu akka beeknuuf Si kadhanna. Maqaa Yesusiin Si gaafannaa. Ameen. Taa'uu ni dandeessu.

15 Halkan kana mata duree "Qodaa Bishaanii isa urataa" jedhu irrattin yeroo gabaabaa fudhee dubbachuu barbaada.

Israa'el Jal'ina gurguddaa lama hojjatee ture. Ana Buraqaa bishaan jireenyaa isa ta'e dhiisee, boolla kuusaa bishaanii isa urataa bishaan baachuu hin dandeenye qotate jedhee dubbate Waaqayyo.

Amma, sun waan.... Sababni ani mata duree kana filadheefis, waanan ganama kana dubbachaa ture, waa'ee yeroo nuyi amma keessa jiraachaa jirruu fi kaayyoo nuyi qabsaa'aa jirruu wajjin wal faana deema waan ta'eefi.

16 Israa'el akka fakkeenyaatti yoo ilaallu, wanti Waaqayyo ture yeroo hundumaatti dhaabbataa ta'ee itti

fufa. Wanti Waaqayyo ulfina kenneefii beeku waan tokko qofaatu jira; innis karaan isaa isa Inni saba Isaatiif kennee turedha. Karaa sana irraa yeroo maqanittis Waaqayyo ulfina dhabe, waan Waaqayyo isaanitti hime irraa fagaachuu isaaniitiinis Waaqayyo saba sana in dhiphise. Waan fedhe yoo ta'e illee. Inni seera iyyuu isaaniif kenneera: "Hin tuqin, harkaan hin qabin, afaaniin hin qabin," jedhee—sun sababii jal'ina ta'eef osoo hin taane, waan Inni godhi jedhe gochuu dhiisuun jal'ina waan ta'eefi. Kun waanuma jiru—yeroo hundumaa adabbiin seeraa hin jiru taanaan, seerri jiraachuu hin danda'u, sababiin isaas yoo adabbiin seera yoo hin jirre, seerri maal bu'aa qaba—yoo adabbii qabaate malee, seerri seera hin ta'u.

17 Amma, wanti isaan guyyaa sanatti hojjetan waan nuti har'a hojjennu, waan namoonni waldaa har'a hojjechaa jiranii wajjin wal fakkaata.

Amma, asitti waan ajaa'ibaa tokko argina. Namoota tokko tokkoof "Ati ... isaan qodaa bishaanii isa urataa, boolla bishaanii isa bishaan hin qabanne qotataniiru" yeroo jedhu ajaa'iba itti ta'uu danda'a. Amma, tarii gariin keessan bboolli kuusaa bishaanii (cistern) maal akka ta'e hin beektan ta'a. Mee nama meeqatu boollu kuusaa bishaanii maal akka ta'e beeka? Tole, irra caalaa keessan ni beektu. Yoo bakka qonni itti adeemsifamutti guddattan yoo ta'e, boollu bishaan itti kuufamu maal akka ta'e ni beektu. Kuufamni bishaanii maal akka ta'e baruuf jedheen gaaf tokko ilbiisota baay'ee wajjin akkan dhuge nan yaadadha. Biyya akkasiitti keessatti lallabameera— boolla bishaanii guddaa qotanii boolla godoo citaa wayii irratti ijaaranii, bishaan roobaa keessaatti kuusan deemee beeka, isinis ni beektu, citaa iarratti ijaaramu sana irraas halkan halkan ilbiisonni gara bishaanichaatti seenu.... Kanaafis, bishaan boolla bishaanii keessatti kuufame maal akka ta'e nan beeka.

18 Boollu kuusaa bishaanii (a cistren) iddoo bakka eela bishaanii bu'ee akka nama gargaaruuf lafa bishaan itti kuusuuf qotamu dha. Namoonni eela yookiis biirii yookiis birkaa hin qabne, boolla qotanii bishaan itti kuufatu (keessumaa namoonni iddoo roobni ga'aan hin jirre jiraatan). Kana jechuun, boolla bishaanii (cistern) jechuun haroo nam-tolchee ykn boolla kuusaa bishaanii namn-tolchee namoonni qotanii itti fayyadamani dha. Gariin isaanii bishaan dhiqataaf, gariin immoo bishaan dhugaatiif itti fayyadamu, tarii waan biraatiifis ta'uu mala. Yeroo dhi'oon dura bishaan nuyi argachaa turre hundinuu kuusaa boolla bishaanii keessaa ture. Bishaan boolla bishaanii keessaa waraabuun dura waan xuraa'aa bishaanicharra jiru irraa haxoofnee, haxoofnee, haxoofnee sana booda baaldiidhaan gama qulqulluu waraabna turre.

Tole, kuusaan boolla bishaanii eela bishaanii irraa waan inni ittiin adda ta'e tokko hubanna. Egaa amma, boollu bishaanii ni goga. Boolla bishaanii ofiin bishaan ofitti guutuu hin danda'u. Inni waan amanatan miti. Boolla bishaanii amantanii itti hin hirkattan. Inni rooba gannaa ykn arfaasaa roobu irratti hirkatee jiraata.... Yeroo baay'ee waqtii gannaa yeroo roobni ga'aan roobutti lolaan gara boolla bishaanii sanatti lola'a. Yoo bishaan sun jiraate malee duwwaa ta'ee hafa jechuu dha. Hundi ... kanaa achii guutummaatti ni goga. Ofiin ofitti guutuus hin danda'u. Boolla bishaanii durii ofiif of guutuu hin danda'u; bishaan roobaatiin guutama.

19 Waa'ee boolla bishaanii waan kan biraa tokkos akka hubattan nan barbaada. Yeroo baayyee, ni argitu.... Akkaataan boolla bishaanii naannoo keenyaa.... Yeroo baayyee taankerii haammii isaa hamma manaa dachaa lama ta'utu jira, yeroo baay'ees taankerii sana irraa bishaan gara boolla bishaanii yaasu. Boolla bishaanii idurii sana nan yaadadha—yeroo tuubboodhaan bishaanni itti guutamu—yeroo taankericha keessaa gadi dhiifamus nan yaadadha. Innis taankerii sana in guuta, sana booda bishaanichi taankerii guutee kosii fi xurii beelladoonni yeroo waqtii gogiinsaatti irra deemaa turan hundumaa kuusee ofirratti baata, bishaanichi xurii taankerichaa hundumaa dhiqee gara bidiruu bishaanii namn- tolcheetti gadi lolaasa, achiis gara tuubboo bishaanii namn-tolcheetti darba, achiis gara boolla kuusaa bishaanii namn-tolcheetti yaa'ee guuta. Yoo waan akka malee xuraa'aaf faalamaa argitanii hin beektan ta'e, bishaan boollaa dhugaa ilaalaa! Eeyyee gooftaa! Inni guutummaatti namtochee waan ta'eef akka malee xuraa'aa dha.

20 Ni beektu, dur akkas jenna ture—huccuu ittiin bishaanicha calallu qabna turre. Sun maal akka ta'e beektuu? Raammoo fi ilbiisota taankericha gubbaa jiran hundumaa bishaanicha irraa calallee gara boolla bishaanii biraatti dabarsuuf huccuu ittiin calallu qabna turre. Xurii fi ibiisota hamma daandeenyu hunda qabnee hambisuuf, 'filter rag' irra keenya turre. Dhugaadha sun xurii isa dhugaa calalee hambisa miti, misaa'ela isa girguddaa akka hin dabarreef ittisa malee. Raammoon kiyeeffamee hafuu danda'a, garuu dhangala'aan raammolee keessaa ba'u bishaanichaa wajjin darba. Kanaafuu dhuguma yoo boolla bishaanii durii qabdu ta'e, faalama hamaa qabdu jechuu dha.

21 Guyyoota muraasa booda bishaanichi ni kuufama. Bishaan sun boolla bishaanii keessa dib jedhee ciisa, ni kuufama, akkasumas fattee, loccuu, fi bofaan guutama, nuyi dura wanoota kanaan "wiggletails" jenna, uumama xixiqqoo wayii ti ... beekuu fi dhiisuu keessan... hin beeku. Ilbiisotas miti, isaan.... Maal jettanii akka waamtan ani hin beeku, garuu wantota xixiqqoo bishaan keessa jiraatabiin nuyi dur 'wiggletails' ittiin jenna. Maal jechuu akkan barbaade ni beektu. Mee waa'ee waanan dubbachaa jiruu nama meeqatu beeka? Oh, why sure, isin warri biyya kanaa hundi ni beektu. Inni gara guutummaatti kuufamuutti seena, sana booda warri wanta walitti kuufame jaallatan gara isaa dhufu. Dhugumatti garas ni dhufu, sababni isaas corroqa kufame ta'eera waan ta'eef. Egaa inni waan walitti kuufameef bineensa xuraa'aa walitti

kiifame jaallatu ofitti harkisa.

22 Sun waan baay'eedhaan waldoota keenya bara har'aa wajjin wal fakkaata. Ani akkan yaadutti nuyi dhiifneerra.... Cubbuu guddaa har'a waldaan kiristaanaa har'a hojjette keessaa tokko isuma Israa'el yeroo sana hojjetedha, isheen Isa, burqaa bishaan jiraataa isa ta'e dhiistee boolla bishaanii isa namtolchee ofii isheetii qotatte. Kanaafis iddoo jireenya lubbu qabeeyyii bishaan akkasii jaallatanii taate. Raachiif fatteen, loccuun fi jarmiiwwan xuraa'oon gosa hundaas ishee keessa jiraatu, sababiin isaas isheen taankerii namtolchee waan ta'eef; taankeriicha keessas wantootni kun ni jiraatu. Inni fakkeenya guutuu dhaabbilee amantii keenyaa har'aa ti.

“Amma,” jettu isin, “Obboleessa keenya Biraanhaam, maaliif namoota sana akkasitti haleeltaa?” jettu. Haleelamuu qabu. Isin ishee keessaa baqadhaa, sababiin isaas dhumarratti mallattoo bineensichaa hundeessiti waan ta'eef. Yaadadhaa, sun dhugaa dha! Mallattoon bineensichaa ni hundaa'a; dhaabbanni amantii kallattiidhaan gara sanatti nama oofuuf jira. Humnaan dirqisiisee gara sanatti nama oofuuf ammuma iyyuu karaa qabatee deema....

Ilaalaa, impaayera Roomaa durii keessatti wanti kallattiidhaan gara mallattoo gantummaa fudhachuutti isaan geesse isuma kana dha. Namni kamiyyuu mallattoo bineensichaa malee bituus gurguruus akka hin dandeenye hubadhaa. Namni sana qabaachuun dirqama ta'a.

23 Namoota garee lamaa qofatu lafa kanarra jiraata; warra milikkita Waaqayyoo qabanii fi warri malikkita bineensichaa qaban ta'u, gita lama qofa ta'uuf jiru. Kanaafuu isa tokko ykn isa kaan qabaachuun dirqama isinitti ta'uuf jira. Warri ganana tokko ka'uuf jiru, milikkinni amantii (religion) tokkoo, amantiin warra gananii hundaa'uuf jira.

Bifa fakkeenya bineensichaas dhaabamuuf deema. Yeroo qorannutti Roomaan bineensa akka turte, bineensicha taatee akka jirtuu fi sichis yeroo hundumaa bineensicha taatee akka jiraattu hubanna. Sirriidhumatti. Karaan ittiin waan kan biraa argatamu hin jiru—Roomaa malee.

Wanti Roomaan hotte maali? Isheen paagaanummaa (pagan) Roomaa irraa gara phaaphaasummaa Roomaatti geeddartee sirna tokko tolfatte, sirna addunyaaleessaa kan nama hundumaa gara amantii tokkichaa sanatti dirqisiisu, yoo dide immoo isa ajjeesisu tolfatte.

24 Ameerikaan kunis bakka sanatti mul'achaa jiraachuun ishee immoo waan ajaa'ibaati, egaa isheen ... akka hoolaa ti. Hoolaan gaanfa xixiqqoo lama qaba, innis sirna siiviilii fi sirana mana amantaa ti. Yeroo muraasa boodas innumti hoolaa ture sun akkuma bineensa akka jawwee sanaatti dubbatee, aboo bineensi akka jawwee inni duraa qabata ture hundumaan akka hojjete hubanna. Akkasumas Macaafni Qulqulluun, “Bifa fakeenya bineensichaa akka tolfataniif” isaanitti himan jedha. Bifti fakkeenya waan tokkoo wanta waan biraa tokko fakkaatu dha. Akkasumas haala gantummaa ishee keessatti waldattiin Mana Maree Waldoota Addunyaa hundeessaa akka jirtu arguu dandeenya, innis bifa fakkeenya aboo Roomaa yoo ta'u, innis waanuma paagaanummaan Romaa ykn phaaphaasumaan Roomaan hojjete sana saba irratti humnaan fe'uu dha. Kanaafuu karaan biraa hin jiru, wanti biraanis hin jiru, garuu dhugaan jiru kanuma.

Kanaafidha egaa bara koo keessatti, yeroo koo keessatti kanan ishee haleelaa jiruuf, sababiin isaas haleelamuu qabdi waan ta'eef. Waamichi “Yaa saba koo! cubbuu ishee irraa akka hin hirmaannetti, ishee keessaa ba'aa!” jedhu dhufeera.

25 Amma, egaa ishee boolla bishaanii xuraa'aa fii kosaa'aa sanattin fakkeessaa jira. Inni burqaa bishaan jireenyaati; Inni bishaan jiraataa ti. Namoonni garuu sana dhiisanii ofii isaanitti boolla bishaanii xurii qofa kuufatu qotatan. Wanti inni kuufachuu danda'u kana qofa. Denominationaliziimiinis kanuma godha; waan garas dhufu, waan isatti dabalammu barbaadu hundumaa kuufata. Namni maallaqa qabaannaan ykn haala adda ta'een uffata uffachuu dandeenyaan, namicha ofitti fudhachuuf fedhii qabu. Eenyullee haa ta'anii, eessaas haa dhufanii, sun isaan hin dhibu, isaan akkanumatti ofitti isaan dabaluu.

26 Amma, ammas milikkita bineensichaa isa asitti hundeeffame arganna Ameerikaan lakkoofsa kudha sadii dha. Isheen kolonii kudha sadii of keessatti qabatee dhalatte. Isheen alaabaa urjii kudha sadii qabu qabdi turte—sarara kudha sadii qabdis; kana malees waa'een ishee iyyuu Mul'ata boqonnaa 13ffaa irratti mul'ate. Ameerikaan yeroo hundumaa dubartii bakka buuti, saantima keenya irrattis akkasitti bakka buufate. Bocni mormaa olii nama Hindii saantima abbaa tokko irratti bocamee iyyuu fuula dubartii ti. Sana ni beekna, seenaa iishee ni beekna. Wanti hunduu, Bilbilli Walabummaa, wanti hunduus akkasuma, Walabummaan ... Siidaan Walabummaa.... Waan hunduu dubartii dha. Dubartiin lakkoofsa kudha sadii, hubadhaa.

Amma, wantoota kanneen hubachuun baay'ee barbaachisaa dha.

27 Amma immoo egaa, bara 1933tti mul'ata Waaqayyo biraa dhufeen ykn mul'atan argeen, bara dhumaa dura wanti torba akka ta'uuf jiru raajii dubbadheera. Innis—isaan keessaa tokko, Mussoliniin yeroo sanatti abbaa irree ta'uuf akka jiru ture, innis akkuma jedhame abbaa irree ta'e; akkasumas gara Itoophiyaatti

gad bu'ee akka ishee weeraruuf jirun raaje, innis akkuma jedhame Itoophiyaa qabatee ture. Hafuurri Qulqulluus yeroo sanatti, "Inni utuu miilla hin fageeffatin kufa" jedhee dubbate.

Namoonni durii warri lubbuun har'a geessanii godoo qulqullaa'aa keessa jirtan, waggoota baay'ee fagoo dura waa'ee kanaa isan Galma Reedmaanitti yeroon lallabaa ture dubbachuu koo ni yaadattu jedheen yaada. Halkan kana gamoo kana keessa kan jirtan keessaa namni Galma Reedmaan durii keessatti yeroon sana lallabe jiru jiraa, yeroo isaan seera NRA baasan, yeroo bulchiinsa Roozvelt marsaa jalqabaa keessa namni ture kan amma lubbuun jiru as keessa jiraa? As keessa namni jiru waan jiru natti hin fakkaatu. Namumti tokko illee hin jiruu? Eeyyee, eeyyee, namni tokko jira. Namni tokko jira, eeyyee, Aadde Wiilsan jirti, ishee nan yaadadha. Haati manaa koos duuba sana teessee jirti. Dhaloota durii warra yeroo sanaa keessaa nama lamatu hafee jira. Yeros seerri NRA kun mallattoo bineensichaati yeroo jedhan, ani immoo, "Homaa waan wal hin qabatu hin qabu! Gonkumaa isa miti. Mallattoon bineensichaa asii hin ba'u, inni Roomaa keessaa ba'a, seerichi mallattoo bineensichaas ta'uu hin danda'u" jedheen dubbadhe.

28 Wantoonni kun akka dubbatamanii turan nan yaadadha. Adoolf Hitler du'a dhoksa ta'een akka du'uuf jiru; inni Ameerikaa irratti immoo waraana labsuuf akka jirus; dallaa guddaa tokko jaaruuf akka jiranis, ijaarsicha keessa illee jiraachuuf akka jiran, achittis rukutaa suukkaneessaan Ameerikaanota irra ga'uuf akka jiru dubbadheen ture. Innis dallaa 'Siegfried' ture—ijaaramuu jalqabuu isaatiin waggaa kudha tokko duran dubbadhe! Sana booda garuu inni ni ajjeefama, Amerikaanis waraanicha ni injifatti jedhee dubbate.

Achiis sana booda "iiziimonni" sadii jiraachuuf akka jiran dubbate: Naziizim, Faashiizim fi Komuniizim. Anis akkas jedheen dubbadhe, "Hundi isaanii Koominizimii keessatti baqu. Raashiyaan hunduma isaanii Koominizimiidhaan liqimsiifti."

Itti dabalees kana dubbadheera, "sana booda saayinsii akka malee guddaa guddataa deemuudhaan, dhalli namaa hanga waan gurguddaa kalaquutti nama qaroo ta'uuf jira, hanga konkolaataa hanqaaqu fakkaattu kan waan akka daawwitii wayii gubbaa irraan qabdu, akkasumas mariidhaan osoo hin ta'in humna biraatiin fageenyarraa kan to'atamtu hanga kalaquutti ga'uuf jiru" jedheen dubbadhe. Konkolaataa akkasiis uumaniiru.

29 Itti fufees, "Sana booda safuun dubartoota keenyaa hamma saboota hundaa duratti salphoo isaan taasisutti gadi bu'uudhaan, waan jibbisiisaa ta'etti gadi bu'uuf jira. Isaan uffata dhiiraa uffachuuf jiru. Isaan dhugumatti hanga uffata jalatti uffatan qofaan isaan irraatti hafutti qullaa buusuu ittuma fufu. Sun dhuma dubbii ti. Dhumarrattis baala harbuu qofa uffachuutti dhufuuf jiru" jedheen dubbadhe. Yoo hubattaniittu ta'e barruun laayif baatii darbee keessa maxxanfame suuraa dubartii baala harbuu uffattu sana qaba ture; innis uffata halhanii haaraa gabaarra oole ykn gaawonii halkanii, waan dubartoonni halkan uffatani dha, innis waan akka malee haphii dhaqni keessaan mul'atu kan baalli harbuu qaama ishee iddoo murtoofte qofa dhoksuu ti. Hidhaa kan hin qabne—ykn hidhaa kirrii... uffata ittiin qaama dhiqatan kan hidhaa hin qabne, gubbaadhaan qullaa qaama nama kan mul'isu.... Akkasumas akkamitti wantootni sun akka ta'uuf jirantu dubbatame.

Achiis akkas jedheen dubbadhe, "Dubartii akka mootittii jabduu tokkoo fakkaattu ykn waan akka giiftii jabduu tokkootti Ameerikaa keessa dhaabbattun arge. Isheenis yummuu alaan ilaalan ijatti kan miidhagdu turte, garuu keessi garaa isheetti hamtuu turte. Isheen sabni tarkaanfii ishee wajjin akka deemu gooti— ishee wajjin akka miilla fuudhu gooti turte."

30 Ani garuu akkas jedhee dubbadheera, "Dhuma irratti ammas gara bahaatti of duuba deebi'ee akkan ilaalu natti hime, yeroon ilaaluttis, akkuma jirutti biyya lafaa akkuma jirtutti waan dhoote fakkaattun arge. Hanga ani argetti muka malee wanti biraa hin turre, dhagaan lafa keessaa dho'ee baqa ture. Isaan kunis dhuma biyya lafaa dura ta'uuf jiru." Mul'ata torban keessaa shanan isaanii waggoota soddonii sadii keessatti raawwateera!

Achi jirra, fiixee bara dhumaarra geenyeerra! An yeroo sanatti sirna waldaa sana mormee dubbadheera. Halkan kanas ammallee inni boolls bishaan itti kuufamu ta'uu isaa, boolla dhangala'aa xuraa'aan itti yaa'u ta'uu isaa nan amana. Waaqayyo yoomiyyuu waldaa Isaa keessatti waan akkasii simata jedhee amanuu hin danda'u, sababiin isaas nani tokko kan Isaa jedhamuun dura hafuura Waaqayyoo irraa dhalatee qulqullaa'uu qaba. Dhagna dhoksa Kiristoositti cuuphaa hafuura qulqulluutiin cuuphamneerra.

31 Eeyyee, sirni boolla bishaanii kun fakkeenya dhabbiilee amantii ta'uun isaa mirkana. Namni ogeessi gara sana ilaalu, gonkumaas keessa seenuu hin qabu, sababiin isaas Waaqayyo baroota darban keessatti akka kanaan mormu mirkaneesseera, ittiin hojjetee hin beeku. Gareen kamiyyuu.... Yeroo kamiyyuu yummuu namni tokko ergaa tokko qabate ka'utti, kannen akka Luuter, Wesley fi kkf, akkasumas kan akka Smith, Calvin fi isaan kaan, yeroo isaan jaarmiyaa uumuu jalqabanitti Waaqayyo ergicha sheelfii irra kaa'a, gonkumaas deebi'ee haaromsaan isaan hin mil'atu.

Seenaa keessa deebi'aa ilaalaa. Yeroon Waaqayyo jaarmiyaa amantii keessaa tokko fudhatee

haaromsa keessatti geggeesse hin jiru. Iddoo kamittiyyuu. Seenaa fi Macaafni Qulqulluutiinis sun fuula Waaqayyoo duratti waan xuraa'aa ta'uu isaa mirkaneessu. Kanaafis an hidhata iisaa wajjin qabaachuu hin barbaadu. Sababni ani ittiin mormee saba achi keessaa baasuuf yaalaa jirus kanumaafi.

32 Nutis affeeramneerra—akkuma Israa'el, ammas akkasuma—fakkeenya Israa'el ilaallu. Isaan, hanga burqaa sanaan jiraatanitti, hundi isaanii gaarii turan. Garuu yeroo ofii isaaniitiin boolla bishaanii, sirna namtolchee tolfatanitti, Waaqayyoo duwwaatti isaan hambise. Inni akkasuma nu godha. Isaan burqaa bishaan jiraataa dhiisaniiru. Sun himata Waaqayyoo isaan irratti dhi'eesse ture, wanti isaan jechuu danda'an yoo jiraate, "Waan nuyi hojjenne argitaa?" jechuu qofa.

33 Amma, yeroo—yeroo imala Musee, Waaqayyoo ayyaana isaatiin raajii isaaniif kenne, utubaa ibiddaa akka isaan dura deeman isaaniif kenne, mallattoo fi dinqiidhaan mirkaneesse, ayyaanni wantoota kana hundumaa qopheessee ture, Israa'el ammallee seera barbaadde. Seera fudhachuuf ayyaana didan. Har'as ummanni sirritti kanuma; sirna waldaa amantii fudhachuuf Dubbicha ni didu, sababiin isaas sana keessatti waan barbaadan hojjechuu fi ittiin jiraachuu danda'u. Garuu Kiristoos keessatti gochuu hin dandeessu! Kiristoos keessa ta'uuf qulqulluu fi ifa ta'ee dhufuu qabda.

34 Sirna ykn boolla bishaanii namni tolcheef boolla artesian dhiisuun, namni tokko akkas akka godhu tilmaamuun ni danda'amaa? Haala sammuu nama boolla artesian haaraa irratti dhuguu danda'u, fi sanas boolla bishaanii namni tolche kan hantuuta, fi saronni, fi wiggletails, fi waan hundumaa isa keessa jiruuf dhiisu tilmaamuun ni danda'amaa? Sirrii ta'uu illee waan hubatamu hin fakkaatu, garuu sirritti waan ummanni hojjete kana qofa. Isaan Dubbicha, burqaa dhugaa madda Waaqayyoo fi humna boolla bishaanii keessaa dhuganii boolla bishaanii of tolchuuf dhiisaniiru. Akkuma yeroo sanaa godhan ammas raawwataniiru.

Jedhan.... Innis "Asitti na dhiisani deeman" jedheen. Inni asitti Ermiyaas 2 fi 14 irratti dubbateera—ykn 13 irra caalaa. Innis "Isaan burqaa bishaan jiraataa na dhiisaniiru" jedhe.

35 Amma, boolli bishaanii maal akka ta'e ni ilaalla. Waan inni of keessatti qabatuu ni ilaalla. Akkamitti akka hojjetamus ni ilaalla. Inni waan namtolchee bantii manaa xuraa'aa irraa bishaan roobaa kana kuusu dha. Bokkaan roobu bantii manaa xuraa'aa irra bu'ee, bantii manaa sanas dhiqee karaa bo'oo namtolcheetiin, karaa tuubboo namtolcheetiin, gara taankerii namtolcheetti gadi yaa'a. Wanti xuraa'aan hundis achitti walitti qabama, jarmii, fattee, raachaa fi wanti lafarra munuuqu hunduu achitti walitti qabama. Hubadhaas, isaan lubbu qabeeyyii xuraa'oo dha, 'wiggletails' dha, balfamoo dha. 'Wiggletail'n bishaan qulqulluu keessa jiraachuu hin danda'u. bishaan qulqulluun isa ajjeesa. Inni balfa keessa jiraata.

36 Haaalli maxxantoota (parasites) bara har'aas baay'een akkasuma. Isaan bishaan qulqulluu Hafuura Qulqulluu keessa jiraachuu hin danda'an. Kanaafidha sababni isaan akka malee cimsanii Dubbicha mormaniif, inni walitti bu'a, wal faallessa jedhu; homaa waan wal faallessu hin qabu. Sababni isaas akka daakuuf isaaniif tolutti bishaan kuufamaa wayii qabaachuu waan qabaniifi. Sirriidha. Raachi, fatteen, taadipoolii fi kanneen kaanis akkuma warra kanaa ti. Isaan jiraachuuf lafa caffaa'aa ykn corroqa kuufamaa naanna'uu qabu, achi keessa jiraachuun haaluma uumama isaanii waan ta'eef. Bineensa tokko hanga uumama isaa jijjiirtanitti isa jijjiiruu hin dandeessan. Akkuma kanatti nama tokkos hanga uumamni isaa jijjiiramutti Sagalee Waaqayyoo hubachiisuu hin dandeessan. Uumamni nama sanaa isa inni duraan ture irraa gara ilma Waaqayyoo ta'uutti yummuu jijjiiramu, Hafuurri Qulqulluun isatti olseena....Hafuura Qulqulluutu Dubbii Waaqayyoo barreesse.

37 Har'a hiriyyaa koo gaarii Dr. Lee Vayle, kan amma asitti argamuu wajjinan haasa'aa ture. Innis ogeessa ti'ooloojii beekamaa dha. Kanaafis yeroo baay'ee Caaffata Qulqullaa'oo irratti marii baay'ee gaggaarii ta'an hedduu waliin mar'anneerra. Inni nama baay'ee qaroo ta'e dha. Innis yeroo tokko waa'ee ragaa mirkaneeffannaa Hafuura Qulqulluu qabaachuu irratti yaadni koo maal akka ta'e na gaafatee, afaan hin beekamneen dubbachuu dhaa? jedhee na gaafate. (Waggaa hedduun dura na gaafate.) Anis, "Lakki, akkasitti natti hin mul'atu" jedheen deebiseef.

Innis, "Anattis akkasuma" jedhee, "haa ta'u malee akkas jedhanii nu barsiisan" jedhe. Innis itti fufee, "Ragaan isaa maali jettee yaadda ati?" jedhee na gaafate.

Anis, "Ragaa hunda caalaa mudaa hin qabnedha jedhee kanan yaadu yaadu jaalala" jedheen deebiseef. Kanaafis sana irratti mari'achuutti gadi teenye. Yeros, "Sun waan quubsa dha" jedheen yaade. Kanaafis akkas jedheen yaadannoo qabadhe: Namni yoo jaalala qabaate. Garuu guyyaa tokko Gooftaan mul'ataan natti dhufee na qajeelche, ragaan Hafuurraa Qulqulluu warra Dubbicha fudhachuu danda'an akka ta'e natti dubbate, jaalalas miti afaan biraatiin dubbachuus miti, Dubbicha fudhachuudha malee.

38 Dr. Vayleenis sun Caaffata Qulqullaa'oo irratti kan hundaa'edha naan jechaa ture. Innis, "Sababiin isaas Yohaannis 14 irratti Yesus, 'Hafuurri Qulqulluun yommuu gara keessan dhufu, waanana isinitti hime hundumaa isin in barsiisa, waanan isinitti hime hundumaas isin in yaadachiisa' jedheera" jedhe. Kanaafuu ragaan dhugaa Hafuura Qulqulluu ni jira. Inni hanga har'aatti takkaa waan dogoggoraa natti himee hin

beeku. Inni akkasi; ragaan Hafuura Qulqulluu nama Dubbicha amanuu danda'u dha, nama Isa fudhachuu danda'uudha. Sababni isaas Yesus gokumaa, "Hafuurri qulqulluun yommuu dhufu, afaan biraatiin ni dubbattu" hin jenne. Inni gonkumaa "... Hafuurri Qulqulluun yummuu dhufu wantoota kana ni hojjettu" hin jenne, "Inni waanan isinitti hime hundumaa isin in barsiisa, waan ta'uuf jirus isinitti in agarsiisa" jedhe malee. Egaa ragaan dhugaa Hafuura Qulqulluu akkaataadhuma Yesus Ofii Isaatii jedhetti jira.

39 Kanaafuu miiraa fi wantoota namoonni qabaniif fi amma iyyuu itti hirkatanii jiraatan kana hundumaa, maaliif akka isaan kana godhan hubachuu dandeessu. Hubadhaa, inni damee amantii yookaan bishaan kuufamee ciisu ta'a, dameen amantii Dubbii Waaqayyoo isa mudaa hin qabne irratti ijaarante immoo gonkumaa hin jirtu. Innis sana gochuu hin danda'u, sababni isaas Waaqayyoon 'nominate' gochuu ykn 'denominate' gochuu hin dandeessan. Lakki gooftaa!

Sababni isaas, mee tuuta namoota Dubbicha amanuu danda'anii fudhaa ilaalaa, isaan mee jaarmiyaa haa hundeessan. Wanti jalqabatti beekuu qabdan, isaan yeroo waggaa tokkoo keessatti tuuta 'Rickys' kan isin waa'ee isaanii homaa hin beeknetu achi guuta. Isaanis harka isaanii keessa galfatu, isin mmoo homaa gochuu hin dandeessan. Sirnichi sirna Waaqayyoo miti. Akkas miti. Kanaafuu wanti sun du'ee boolla bishaan kuufamaatti geeddarama, iddoo tokkoon tokkoon isaanii miseensa argachuuf ykn namoonni gara isaanii akka dhufaniif jecha kana, sana ykn isa kaan irratti ilaalcha (compromise) waliif godhan akka ta'e ni beekna.

40 Sirni kun kan jalqabe dur bara Israa'elootaa keessa, yeroo isaan boolla bishaanii kana qotatanitti akka ta'e qorree ilaalla. Namicha tokkoo fi tuuta Fariisotaa warra boolla bishaanii muraasa qotantu turan. Isaan namicha Heroodis jedhamu tokko qabu turan, innis abbaa murtii, bulchaa mootummaa ture. Egaa inni nama damee waldaa amantii isaaniitiin hin gowwomfamne dhaga'uuf gadi bu'e. Namichi raajii ture. Raajiin kamiyyuu immoo waldaa damee amantii tokko wajjin homaa hojje hin beeku, ni jibbe malee.

Raajiin kun akkas jechuu jalqabe, "Abbaan keenya Abrahaamii dha jettanii kan itti gltan isinitti hin fakkaatin Waaqayyoo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinitti nana hima" jedhe. Isaanis akka isa dhaggeeffatuuf nama ulfina qabeessa tokko as itti baasan, namani kabajamaan kunis nama haadha manaa obboleessa isaa irraa fuudhatee wajjin jiraatu ture. Namichi sun yummuu fuula isaa duratti dhi'eeffametti maal ittiin jedhe? Isaan, inni ilaalcha isaaf godhee, "Amma yaa gooftaa, ati teessoo bareedaa asii qabda. Ati kana gochuu hin qabdu... Har'a ana irraa dhaga'uuf asitti argamuu keetti baay'een gammada" waan ittiin jedhu se'an. Yohaannis gara fuula isaa duratti ol adeemee, "Ati ishee fuudhuun kee seera miti" ittiin jedhe. Wanti inni jalqaba dubbate yoo jiraate, cubbuu isaatiif isatti dheekkamu isaa ti.

41 Ilaalaa, dameen dhaabbilee amantii boolla bishaan kuufamaa isa dhiironni dubartoota wajjin akka fedhanitti jiraachuu danda'an qotu, iddoon sun iddoo dubartoonni rifeensa isaanii muraas, uffata gabaabaa fi waanuma fedhan uffachuun Kiristaana ofiin jedhani dha; garuu burqaan dhugaa (Halleluyah!) humna Waaqayyoo ti, isaan achi turuu hin danda'an, sababiin isaas waan isa dhiibee of keessaa baasuuf. "Ani burqaa bishaan jireenyaa ti. Boolla bishaanii ofii isaaniiti qotataniiif jedhanii ana dhiisaniiru."

Amma burqaan bishaan jireenyaa.... Burqaan bishaan jireenyaa maal akka ta'e qorree ilaalla. Boollii bishaanii maal akka ta'es ni ilaalla. Amma, burqaa bishaan jireenyaa maali? Bishaan eelaa ti. "Eelli maalidha, obboleessa keenya Biraanhaam?" Bishaanii eelaa bishaan ... Eelli boolla yeroo hundumaa bishaan isaa lafa jalaa ol burqudha. Yeroo hundumaa ni burqa. Of danda'aa dha, yeroo hunda qulqulluu fi taliila dha, Eellii burqaa bishaan jiraataa ti. Inni Du'aa, kan hin sochoones miti; jiraataa dha. Walitti fufiinsaan jijjiirama, yeroo hunda bishaan haaraa ol fida, ol guutaa deema, madda isaa irraa ol burqa. Madda isaa hundee isaa jalaa burqa, inni taliila burqaa bishaan jireenyaa ol burqudha, inni ofiin of qulqulleessa. Inni qulqulluudha-bishaan qulqulluu fi tajiila ta'e dha. Of danda'ee jiraata; gaanii isaa guutuuf rooba hin eggatu. Yeroo hundumaatti ol burqa, bishaan isaa bilisaan namaaf kenna. Paampii itti gochuu, qilleensa itti hafarsuu, bo'oo itti baasuu hin barbaachisu. Inni burqaa bishaan jireenyaa ti.

42 Ni beektu, boolla kuusaa bishaanii durii kana fudhaa ilaalaa, rooba itti qeensitanii, qeensitanii, qeensitanii sana booda bishaan kuufame sana irraa waa xiqqoo baafachuuf paampiidhaan harkisuu qabdu, burqaa bishaan jireenyaa garuu paampii male tola bishaan namaaf kenna.

Oo, burqaa sanatti nan gammada! Eeyyee gooftaa! Ilbiisota isa keessaa calaluuf calalatu nama hin barbaachisu, sababiin isaas katta dhagaa lafa jalaa keessaa waan ol burquuf ilbiisota waan hin qabneef. Darsa barnootaa isatti uwwifame hin qabu (sirriidha!), sirna namtolchee biyya lafaa, ogummaa damee amantii kan ogeessa xiinsammuu dura isin dhaabee lallabuu danda'uu fi dadhabuu keessan isinitti himuu hin qabu. Moofaa xuraa'aa sana keessaa tokkollee isatti uwwifamee hin jiru. Utuu isatti uwwisaniis battalumatti ofirraa dhiibee gata ture. Itti uwwisuu hin dandeessan. Eelli sun yeroo hunda asii ol burqa. Yoo moofaa sana isatti uwwifan, inni gama tokkoon ykn gama biraatiin ofirraa darbata. Inni moofaa denominationaliitiif yeroo hin qabu.

43 Calaltuu, qulqulleessituu, paampii, ungulaaltuu, homaa tokko iyyuu isin hin barbaachisu. Inni achuma jira, ol burqaa. Guutuuf rooba naannoo irratti hin hirkatu. Roobni dammaqiinsa amantii ti. Iddoo burqaan

sun jiru ...innis iddoo burqaan jireenyaa suu jirudha, iddoo foon jirutti joobirri wal ga'u. Haaromsa 'pump up' gochuu hin qabdan; homaa 'pump up' gochuu hin qabdan. Wanti isin gochuu qabdan gara burqichaa dhufuu qofa. Inni yeroo hunda bishaan taliilaa fi qulqulluun kan guutame yoo ta'u, dhumas hin qabu. Inni walitti fufiinsaana burqa.

Gara boolla kuusaa bishaanii deemtanii, "Ba'eessa, yoo roobni roobee itti yaa'e, waan dhugnu ni arganna" jechuu hin qabdan. Maaloo, Maaloo! Kana miti. Eelli sun yeroo hunda bishaan qabbanaawaa gaarii maddisiisaa oola. Isarratti hirkachuu ni dandeessu. "Eeyyee, gara boolla bishaanii durii kanaa nan deema. Duraan isa keessaa dhugna turre, garuu yeroo dheeraaf roobni hin roobne. Sittan hima, tarii gogeera ta'a" jechuu hin dandeessan.

44 Sirnoonni namntolcheen tokko tokkos akkasuma. Yoo wanti guddaa tokko deemeemsifamaa jiraate, fiilmiin 'kabo' agarsiifma jiraate, waan tokko gurguramaa yoo jiraate, ykn waan tokko tokko deema yoo jiraate, qophiin sirbaa guddaan, taphni 'bunco', qophiin ragadaa yoo jiraate manni guutee iddoon ta'an hin jiru, iddoo akkasii dhaquu dandeessu ta'a; garuu iddoon dhaquun isin irra jiru iddoo burqaan bishaan jireenyaa ol burqu, iddoo bishaan qulqulluu fi qabbanaa'aa dhugdan sana ta'uu qaba; isa irratti hirkachuu dandeessu. Isaan, "Waggaa kudhanii as haaromsa hin qaban" jedhu. Yoo burqaa sanaan jiraattu ta'e, isheen yeroo hundumaa haaromsa keessa jirti.

45 Akkuma namni Weels xiqqaan sun jedheeti ykn.... Yeroo tokko yeroo haaromsi Weels keessatti adeemsifamaa turetti, gurguddoonni tokko Amerikaa irraa achi dhaqanii turan, doktoroonni tiyoolojii gurguddoon kun waa'ee waan adeemsifamaa jiruu kana baruuf gara Weelsi deemanii turan. Kanaaf uffata lubummaa isaanii uffatanii, qoobii isaanii mataa irra kaa'atanii karaa irra bu'an. Poolisiin tokko immoo karaatti isaanitti dhufe, ulee poolisootaa tokko harkatti qabatee, "Dachaa Fannoo iddoo Fayyisaan koo itti du'e; cubbuu isa na boossise dachaa sanatti narraa dhiqe. Achitti lapheen koo dhiigaan mallattaa'e. Ulfinni maqaa isaaf haa ta'u" jedhee siiqsuudhaan faarfachaa karaa irra deema ture. Kanaafis isaan, "Kun nama amantii fakkaata, deemnee isa gaafanna" jedhan. Isaanis, "Yaa gooftaa!" jedhan.

Innis, "Hayyee, gooftaa!" jedhe.

Innis, "Nuyi Ameerikaa irraa as dhufne. Nuti jila amantii ti. Haaromsa Weels kan jedhamu kana qorachuuf as dhufne. Nuti doktoroota amantii ti, kana ilaaluuf as jirra" jedhe. Innis, "Haaromsichi eessa akka jiruu fi eessatti akka gaggeeffamamaa jiru beekuu barbaanna" jedhe.

Innis, "Gooftaa, iddoo isaa geessaniittu. Ani haaromsa Weels ti!" isaaniin jedhe. Ameen! "Haaromsi Weels na keessa jira! Iddoon haaromsichi jiru kunoo asuma!"

46 Yeroo burqaa bishaan jiraataa sana bira jiraattan akkas ta'a. Inni yeroo hundumaa jiraataa dha, inni ol burqee, burqee, burqee irra dhangala'a; dhuma hin qabu. Yoo roobni hin yeroo dheeraaf hin roobin tures bishaan isaa hin hir'atu; akkas miti. Inni burqaa bishaan jiraataa ti.

Akkuman jedhe, inni bishaan isaa bilisaan kenna. Kana baruuf moofaa itti uwwisuu hin qabdan—akka deemee lallabuuf erguu keessaniin dura sirriitti barreessuu fi dubbisuu isaa, maqaa, ibsa maqaa, bamaqaa fi kkf adda baasee beekuu isaatiif moofaa barnootaa itti uwwisuu hin qabdan. Baay'een isaanii maal akka ta'anillee hin beekan. Garuu inni burqaadhuma sana bira jiraachaa jira, ilaalaa—sanuma.

47 Of guutuudhaaf rooba naannoo ykn haaromsa naannoo sanaa irratti hin hundaa'u, kana kan hin gooneefis humnaa fi qulqullummaa ofiidhuma isaa keessaa waan qabuufi. Inni iddoo Dubbiin Waaqayyoo jiru dha, humna mataa isaa qaba. Namni garaa isaa keessatti isa fudhachuu yoo danda'e qulqullummaa argata; humna isaa argata. Dubbicha keessatti qajeelaa ta'a. Jireenya maddisiisas.

Israa'el isarraa fagaannaan, rakkina keessa seenu turan. Isaan yeroo isarraa fagaatan hundumaatti rakkina keessa bu'aniiru, nuyis amma akkasuma ta'aa jirra. Haaromsi irraa fagaannaan, gaarii hin ta'u; boolla bishaanii wayii ofii isaaniitii qotachuu fida—ykn boolla bishaan kuusu wayii qotatanii isatti galuu qofa.

48 Inni garuu yeroo hundumaa isaan gargaara ture. Gungummii Galaana Diimaa yaadadhaa. Yeroo isaan gungumanitti.... Inni garuu kakuu isaanii galuu hin dhiifne, kakuu isaaniif galuu ittima fufa. Silaa akka yaada keenyaatti duubatti isaan deebisuu qaba ture, Inni garuu biyyichatti akka isaan galchu kakuu galeef. Inni maal godhe? Ijoollee Israa'el sanaaf, Inni raajii isaanii, utubaa ibiddaa fi waan hundumaas isaaniif mirkaneesse. Isaanis isaan dura bu'anii gara galaanaatti isaan geggeessan—yeroo hundumaas isarratti ka'u—kunoo Fara'oon fi waraanni isaa duubaan dhufan. Waaqayyo immoo maal akka godhe beektuu? Innis boolla bishaan kuufamaa isa Galaana Diimaa jedhumu sanaa bane. Galaanni Du'aa addunyaa kanarratti waa ajjeesuudhaan dorgomaa kana hin qabne dha, dhugumaan galaafataa dha; summaa'aa dha, homtuu isa keessa jiraachuu hin danda'u. Egaa Inni isa banee karaa biraatiin isaan baase. Inni isaan baasee iddoo waan akkasitiin danqamuu hin dandeenyetti isaan geesse.

49 Lafa onaa keessatti kuusawwan bishaanii irratti hirkatanii jiraachuu akka hin dandeenye hubatan; gaaniwwan sun goggogaa turan. Boolla bishaanii tokko irraa gara boolla bishaanii kan biraatti akka

deeman hubatan. Yeroo lafa onaa keessa deemaa turanitti bishaan dheebotanii du'uuf ka'an, gara taankerii tokkoo, gara boolla bishaan kuusu tokkoottis goran; innis gogaa ture. Bakka biraa dhaqan; innis ni gogaa dha. Gonkumaa bishaan dhugaatii argachuu hin dandeenyu jedhaniis abdi kutatan. Saba booda, gammoojjii lafa onaa kun in ta'e jedhamee hin yaadamne keessaa bishaan argatan. Innis dhagaa hin sochoone tokko keessa ture. Dhagaa keessaa burqa ture. Iddoon namni tokko bishaan cophu tokkollee argachuu hin danda'u jedhee yaadu yoo jiraate, dhagaa goggogaa gammoojjii walakkaa jiru keessa dha. Garuu ilaalaa, Waaqayyo waan akkasiitiin hojjeta. Inni iddoo gonkumaa hin eegamnetti, karaa gonkumaa itti hin yaadamneen hojjeta. Yeroo hundumaa kan nuti qabaachaa turre kanuma.

50 Isaan damee waldaa guddaa kan waliinii ta'e tokko qabaachuu qabda, isaan hundumaa bakka tokkotti walitti qabdee akka walitti dhufan gochuu qabda, miseensa sonaan baay'ee qabaachuu qabda, namoonni kumaatamaan lakkaa'aman akka tumsan gochuu qabda, haaromsa qabaachuuf waan kana fakkaatan hundaa qanaachuu qabada jedhanii yaadu. Yeroo tokko tokko Waaqayyo jaarsa tuffatamaa ABC dubbisuu hin beekne tuuta namoota dubbisuu fi barreessuu hin dandeenyee gidduudhaa, nama harka mirgaaf bitaa iyyuu adda baasee hin beekne kaasa, Inni haaromsa biyya lafaa raasu kaasuu danda'a. Inni bara Yohaannitti kana hojjete. Bara raajotaattis kana hojjete. Akkuma beeknu isaan keessaa namni barate tokko illee hin jiru. Waaqayyo garuu isaanitti dhimma ba'ee karaa isaanii waan tokko hojjeta ture.

51 Dhagaa kana keessaa bishaantu ba'e. Inni dhagicha ture. Innis dhagaa kana abboomee ... dha'amuu qaba. Innis nama dhugu hundumaaf bishaan qulqulluu, taliila, calala irraa hafa kenneef. Namoota isa irraa dhugan hundumaas in fayyise, Yohaannis 3:16 wajjin sirriitti wal fakkaata: "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hunduu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!"

Waaqayyo dhagicha Qaraaniyoo irratti rukute. Hafuurri jireenyaa inni anaa fi isiniif jireenya bara baraa kennu Isa biraa akka nuuf dhufuuf firdii keenya baate. Sun fakkeenya sirrii wanta lafa onaa sana keessaa ti.

52 Karaa Inni gatii malee kenne irraa cal'isanii hirmaachuu qofa malee, harkisuu, qotuu, waraabuu ykn waanuma fedhe iyyuu gonkumaa gochuu hin qaban turan. Boolla bishaan keessatti kuufatan qotuun isaan hin barbaachisu ture; okkotee qabaachuu isaan hin barbaachisu ture; cal'isaanii irraa hirmaachuu qofa qabu turan. Ammas akkasuma gochuu qofa. Homaa tokkotti makamuu hin qabdan; iddoo aarsaatti gad jettanii waan taatee wayii hojjechuu, waraabuu hin qabdan; hanga burjaajii afaanii keessa galuu irra geessanitti jecha tokko irra deddeebitanii dubbachuun isin hin barbaachisu; wanti isin gochuu qabdan gatii malee isa irraa hirmaachuu qofa, karaa Waaqayyo nuuf qopheesse isa kana. Harkisuu hin qabu, dhiibuu hin qabu, homaa hin qabu, gatii malee bilisaan fudhachuu qofa. Wanti gochuu qabdan hin jiru, irraa hirmaachuu qofa amlee; sun immoo amanuu qofa. Homaa gochuun isinirra hin turre, qotuu hin qabdan turtan. Isaan halkan guutuu jilbeenfatani bo'aa hin bulle; cal'isanii isa irraa hirmaatan malee. Inni dha'amee qophaa'e. Sirriidha.

53 Gara nama mana kana keessaa gara duubaa taa'ee jiru tokkoon ilaalaa jira. Guyyaa tokko gombisaa dullooma mana horiin keessaa nyaattu bira jiru tokko biratti, isatti haasa'aa turuu koo nan yaadadha. Innis, "Ani garuu nama gaarii miti" jedhe.

Anis, "Ati gaarii akka hin taane nan beeka"n jedheen. Anis, "Anis akkasuma nama gaarii miti"n jedheen. Garuu, "Ati gara waan taatee ilaalaa jirta. Waan ofii taate ilaaluu dhiisi, waan Inni ta'e ilaali"n jedheen.

Innis, "Obboleessa koo Biraanhaam, osoon sigaaraa kana qofa dhiisuu danda'ee, silaa Kiristaana nan ta'a" jedhe.

Anis, "Isa hin dhiisin. Ati nama gaarii erga taatee booda gara Isaa dhufuuf yaalaa jirta. Inni namoota gaarii fayyisuuf gonkumaa hin dhufu; Namoota hamoo hamaa ta'uu isaanii beekan fayyisuuf dhufa"n jedheen.

Innis, "Tolee...."

Anis, "Na dhaga'i, ati gara si'ool deemuu hin feetu, ni feetaa?" jedheen gaafadhe.

Innis, "Lakki!" jedhe.

Anis, "Eeyyee, achi deemuu hin qabdu. Inni akka ati achi hin deemneef du'e"n jedheen.

Innis, "Maal gochuun qaba ree?" jedhe.

Anis, "Homaa. Waan salphaadha"n jedheen.

Innis, "Garuu osoon danda'ee...." jedhe.

Anis, "Achuma iddoo sigaarichaatti deebi'i. Waa'ee sigaaraa yaaduu dhiisi. Kana qofa yaadadhu,

waa'ee Isaa yaadi, Inni maal akka hojjete, Inni maal akka ta'e yaadi malee ofii maal akka taate hin yaadin. Ati gaarii miti, gonkumaas gaarii hin turre, sichis gaarii hin taatu, gaariin Isa qofa! Inni gaarii dha"n jedheen. Itti dabalees, "Amma, wanti ati gochuu qabdu tokko qofa, innis, Inni dachaa sanatti iddoo kee bu'eera yoo ta'e, ati fedhii keetiin waan Inni hojjete ammuma in fudhatta. Wanti ati gochuu qabdu amma isa fudhachuu qofa"n jedheen.

Inni immoo, "Maal" jedhee, "kun salphaadha. Kana nan godha" jedhe.

54 Anis, "Kunoo bishaanni as jira"n jedheen. Asitti ol isa fideen maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphe. Maatii isaa keessaa muraasni as keessa ta'aa jiru, isaan ... kana gochuu kootiif isaan akkam akka natti kolfan natu beeka. Garuu waanan gochaa jiru nan beekan ture. Namicha sana keessatti waan dhugaa ta'e tokkon arge. Achitti dhugaa sana arguu danda'eera, kanaafis fuudheen maqaa Gooftaa Yesuusitti isa cuuphe. Erga sun ta'ee booda, gidduudhuma sana utuu hin turin gara mana ilma isaatti gadi buunee turre. Mul'ata muka iddoo ta'e tokkotti cabee, namicha tokko irratti kufu argine, dugdi isaa akka cituu taanaan hospitaalatti isa geessu turan, halkan sanas Gooftaan sun xumura sigaaraa akka ta'e natti mul'ise. Kanaafis inni guyyaa itti aanutti sigaaraa xuuxuu barbaade. Anis, "Kaartoonii tokko biteen geessaaf. Isin immoo sirriitti ilaalaa"n jedhe. Guyyoonni sigaaraa xuuxuu isaa darbaniru. Ergasii inni tamboo tokko xuuxee hin beeku, inni ergasii tokko illee hawwee hin beeku.

Yaa Waaqayyoo! Argitanii, wanti jalqaba gochuu qabdan gara burqichaatti dhufuudha. Wanti isin gochuu dandeessan akka hin jirre hubattanii gara bishaanichaa dhufuu qabdu; inni waan Inni isiniif godhedha. Qotuun isin hin barbaachisu; 'pump' gochuu hin qabdan; kana dhiisuu hin qabdan; sana dhiisuu hin qabdan; wanti isin gochuu qabdan achi geessanii dhuguu qofa. Kana qofa. Yoo dheebottan, dhugaa!

55 Amma, Inni dhagicha ture. Waaqayyoo nuuf jedhee Isa rukute, Innis bishaan taliila qulqulluu dhugnee nurraa hafu nuuf kenne. Inni har'as nama amane hundumaaf kana ni godha. Kun ayyaana Isaati, eeyyee, saba warra ta'an, nuuf kun ayyaana Isaa ti.

Wanti waan saba bara har'aa wajjin wal fakkaatu tokko achis jira ture, innis, waan argachuu danda'an argachuuf argachuuf qophaa'oo dha, garuu qooda wanta argatanii tajaajila tokkollee kennuu hin barbaadan. Israa'el amma dhagicha irraa dhuguuf qophooftuu turte, garuu Waaqayyoof tajaajila Isaa isa Isaaf malu kennuu hin barbaanne.

Inni immoo yeroo hundumaa tajaajila nuuf kenna jira. Beekaa, Isa malee hafuura baafachuullee hin dandeenyu. Tajaajila Waaqayyoo malee hafuura baafachuu hin dandeenyu. Akkasitti Isa irratti hirkannee jiraanna. Kanaa achii, yoo sana gochuuf yaalle iddoo lamaaniittuu mo'amuun keenya hin oolu—Waan tokko Isaaf hojjechuu qabna, Inni waan tokko akka hojjennu nurraa barbaada, deemnee nama tokko akka dubbifnu, deemnee nama tokkoof akka kadhannu, deemnee nama tokko akka gargaarru nurraa barbaada. Inni sana akka goonu nurraa barbaada. Nuyi garuu homaa Isa tajaajiluu hin barbaannu.

56 Komiin Isaas, "Ana, Sagalicha dhiisanii, bakka isaa boolla bishaanii isa urataa fudhataniiiru. Fudhataniiiru.... Ana isa burqaa bishaan jireenyaa ta'e dhiisanii, ana burqaa bishaan jireenyaa dhiisanii, bishaan boolla keessatti kuufame keessaa dhuguu hawwu, isa dhuguus filatu" kan jedhu ture.

Kana yaaddaniittuu? Nama kunoo eela bishaan gaarii kan bishaan taliila dhagaa keessaa ol burqisiisu, bishaan diilallaa'aa lafa jalaa ol burqu of biratti dhiisee, bishaan roobaa xuri manarraa, citaa godoo fi waaan naannoo sanaa jiran hunda irraa, dallaa horii itti galto irraa, mana horiin keessaa nyaattu irraa dhiqee gara boolla bishaan kuusuuttu yaa'u keessaa waraabee dhuguu barbaadu nama akkamiiti jettanii yaaddu? Bishaan eelaa keessaa dhugaa ture of biratti dhiisee namni bishaan xuraa'aa, bishaan bokkaa kuufame dhuguuf boolla bishaanii barbaacha deemu nama nagaa isinitti fakkaataa? Sammuun namichaatu rakkoo wayii qaba. Sirriidha.

57 Akkasumas dhiirri yookaan dubartiin tokko damee waldaa amanti tokkoo yummuu fudhatanitti, inni rifeensa mataa akka muratan, uffata gabaabaa akka uffatan, meeshaa miidhaginaan akka of kuulan, wantoota gosa biroo kana hundumaas akka godhatan, sagantaa gaggabaabaa wayii akka qabaatan, kana hundumaa gochuus akka itti fufan, galma tiyaatiraa deemanii waan hin taane hundumaa akka ilaalan ni eyyamaaf, isaan isa duraan yeroo Dubbii Waaqayyoo isa dubartoota bocee qarees giiftii isaan taasisu bira turan caalaa isa kana ho'ifatu...isa duraan akka ta'utti uffatanii akka ta'utti jiraatan dhiisanii, sigaaraa xuuxuu, sobaan kakachuu, nama abaaru, sobuu, hatuu fi waan biyya lafaa hundumaa hojjechuun gammachuu guutuu argachuudha jettanii yaadduu? Dhiirri yookiin dubartiin tokko gammachuun argadha jedhee attamitti iddoo akkasii dhaqa? Sana keessaa gammac attamii argachuu dandeessu?

58 Akkamitti bishaan boolla bishaanii kuufamaa keessaa bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu dandeessu? Namni maaliif....

Namni tokko eelli burqituun utuu jiruu, boolla kuusaa bishaanii keessaa dhuguu yoo itti deeme, "Namichi sammuu isaa rakkoo qaba" jettu. Dubartiin ykn dhiirri tokko gammachuu argachuuf iddoo

akkasii yoo deeme, namichi rakkoo hafuuraa qaba. Isaan Dubbiicha hin fedhan. Uumamni isaanii ammallee raacha ykn fattee ykn waan akkasii ta'uu agarsiisa. Sirriidha. Akkaataan uumama sanaa boolla bishaan kuufamaa jaallachuu dha, sababiin isaas uumamni akkasii bishaan qulqulluu keessa jiraachuun hin ta'uuf. Isaan kana gochuu hin danda'an; bishaan qulqulluu hin jaallatan. Isa keessa hin jiraatan.

59 Amma, komiin ture, isa isaan isa dhiisanii deemanidha. Har'as akkasuma godhaniiru. Amma, dubartii Samaariyaa boolla bishaanii bira turte sana ilaalaa. Tole, isheen boolla bishaanii Yaaqoob qote bira dhuftee turte, yeroo hundumaa achitti deddeebiti, isheen bishaan boolla bishaanii Yaaqoob qote keessaa bishaan waraabbachaa turte. Boollii bishaanii Yaaqoob garuu—damee waldaa amantiiti jechuu dandeenya, sababni isaas inni boolla sadii isaaniif qote, isa kanas qotee.... Amma, isheen seenaa guddaa qabdi turte. Isheen, "Amma, abbaan keenya Yaaqoob boolla bishaanii kana nuuf qote; inni, ijolleen isaa, horiin isaas isa keessaa dhugan; ati isarra in caalaa?" jette.

Innis, "Bishaan kana irraa kan dhugu hundinuu deebi'ee in dheebota; bishaan isa ani kennuufiif jiru irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebota; bishaan inni ani kennuufiif jiru, isa keessatti burqaa bishaanii isa jireenya bara baraatiif burqu in ta'ao" jedhe.

60 Hubadhaa, garuu burqaa caaffata qulqulluu isa malikkita caaffata qulqulluutiin eeggachaa turte argachuu ishee yummuu hubattetti, sirna damee waldaa Yaaqoob sana ni dhiiste, lammatas itti hin deebine, sababiin isaas kattaa bishaanii isa dhugaa argatteetti, ilaalaa. Ishaan gara magaalattii fiigde. Isheen cubbuun keessaa baate. Isheen egaa lammata dubartii xurooftuu hin jedhamtu. Isheen, "Maaloo kottaa naman argadhe ilaalaa, nama waan ani hojjedhe hundumaa natti hime ilaalaa. Kiristoos isa kana mitii ree?" jette. Isheen.... Boollii bishaanii sun tarii gaarii ta'uu danda'a. Ga'ee isaa tajaajileera. Amma garuu isheen burqaa dhugaa argatteetti. Boollii bishaanii sun hanga burqaan dhugaa sun banamutti gaarii ture. Garuu yeroo burqaa dhugaan dhufetti, boollii bishaanii sun humna dhabe. Iddoo bishaan dhugaatii isa duraa irra caalu argatte.

61 Iddoon caalu tokko jira! Lafti caalu tokko jira, innis Kiristoos keessa.

Wangeela Yohaannis 7:37 fi 38 irratti, Yesuus guyyaa dhumaa ayyaana gordommaa irratti akka jedhee dubbate: "Namni dheebote yoo jiraate gara koo haa dhufu, haa dhugus." Hunduu ni gammadan. Bishaan xiqqoo iddoo aarsaa jalaa buqitu wayiitu ture, isaanis bishaanicha dhugaa ayyaanicha kabajaa utuma jirani, "Abbootiin keenya lafa onaa keessatti dhagaa hafuuraa keessaa dhugaa...." jedhan. Ilaalaa, isaan ofii isaaniitii boolla bishaanii qotanii, bishaan kuufamaa irraa harkisanii, mana qulqullummaa achi jiru keessa akka yaa'u godhan. Hundi isaaniis bishaan kanatti naanna'anii, isarraa dhuganaas, "Bara durii abbootiin keenya lafa onaa keessaa dhuganii turan" jedhan.

Yesuus immoo, "Ani dhagaa lafa onaa keessa ture sanadha" jedhe. Isaan, "Nuyi mannaa waaqarraa nyaanneerra, Waaqayyotu maannaa gadi nuuf roobse" jedhan.

Inni immoo, "Ana mannichi" jedhe. Burqaan sun isaan gidduu dhaabatee ture, buddeenni jireenyaa isaan gidduu dhaabatee ture isaan garuu amma iyyuu isa hin barbaanne. Isaan boolla bishaanii kan ofii isaanii qabaachuu filatan, sababiin isaas namni kana tolche Waaqayyo immoo sana erge. Garaagarummaan jiru sirriitti kanuma. Ofii isaaniitii boolla bishaanii qotatan.

Innis, "Namni dheebote yoo jiraate gara koo haa dhufu, haa dhugus" jedhe. Burqaan bishaanichaa Isa. Akkasumas akkuma Caaffanni Qulqullaa'oon jedhu: "Yaa'aan bishaan jiraataa garaa isaa keessaa in burqa." oo, Inni eela burqichaa ti! "Yaa'aan bishaan jiraaraa garaa isaa keessaa ykn gadi fageenya keessa isaatii keessaa in burqa."

62 Inni dhagicha ture—dhagaa Aggaar isa yeroo isheen dhiphattee ti. Yeroo Ishmaa'el mucaa ishee wajjin mana keessaa ari'amtee gadi baafamtetti bakkee keesatti gatamte, bshaan isheen fudhattee baates qodaa ishee keessa dhufe, mucaan ishee immoo dheebotee qarqara du'aa irra ga'e, isheenis utuun ilaaluu hin du'u jette akka darbata eeboo tokkoo ofirraa fageessitee lafa keessee boosse. Battaluma ergamaan Gooftaa isheetti dubbateen, 'Beerlahairoi' eela bishaanii ol burqu argatte, hamma har'aattis burqaadhuma jira. Inni dhagaa Aggaar isa 'Beerlahairoi' jedhame isa lafa onaa keessa ture sana dha.

63 Guyyaa sana burqaa dhiigaan guutame keessa dhaabatee, mana qulqullummaa keessa dhaabatee [bakka duwwaatu jira] yeroo qaqawween qawweessa'etti.

Zakaariyaas boqonnaa 13ffaa keessatti, Inni burqaa cubbuuttii, xuraa'ummaattiis maatii Daawitii fi warra...qulqulleessuuf baname ture. Inni burqaa sana ture. Faarfannaa 36:9 irratti immoo, Inni Daawitif burqaa jireenyaa kennu ture. Inni ammallee burqaamana Daawit keessa jiru sana dha, Inni waloo sanaaf immoo.... Garaa isaa keessatti waalaleessaan akkas jedhe,

Burqaa dhiigaan guutametu jira

Ujummoolee dhiigaa Amaanu'eel irraa kan harkifame;

Cubbamoonni lolaa sana jala yommuu lixan,

Xurii yakka isaanii hunduu irraa bada.

Inni burqaa jireenyaa ti, burqaa bishaan jireenyaa ti. Inni Sagalee Waaqayyooti.

64 Namoonni bara dhumaa kanaas Isa, Sagalee dhugaa isa ta'e, bishaan jireenyaa isa ta'e dhiisanii, boolla damee waldaa amantii ofii isaanii bocataniiru. Ammas, qotanii, qotanii....

Eгаа ammas, boolla bishaanii isa urataa akka qaban argina. Boollii bishaanii kunis jarmii hin amanneen, warra hin amanneedhaan, warra of tuuloodhaan, sagantaalee barnootaa fi kkfn kan guutame yoo ta'u, kunis abdii Waaqayyoo abdachiise kan faallesudha. Isaan warra Dubbii Waaqayyoo mamanidha.

65 Amma, Macaafni Qulqulluu akka jedhutti, qodaan bishaanii isaan qaban kun urataa dha. Qodaan bishaanii urataan qodaa bishaanii bishaan yaasu dha, ni dhimmisa. Inni maal gochaa jira? Gara boolla amantii bishaan xuraa'aa kuusu isa Mana Maree Waldoota Addunyaa jedhamutti dhimmisaa jira. Iddoon qodaan bishaanii urataan sun itti isaan geessaa jiru achi. Hunduu ni dhimmisu sababiin isaas Isa dhiisanii — burqaa bishaan jireenyaa dhiisanii boolla kuusaa bishaanii ofii waan qotataniifi.

Sirna seeminaarii barnootaa gurguddaa, sirna barnootaa fi kkf qotanii baasaa jiru, boollii bishaanii isaan har'a qotaa jiran isa kana, namni tokko utuu gara lallabaatti seenin dura PhD, ykn LLD, ykn Bachelor of Art ykn waan akkasii qabaachuu qaba. Boolla bishaanii isa ti'ooloojii namtolcheen guutame. Manneen barnootaa gurguddooof jajjaboo kanatti ol isaan naqanii , achi keessatti ti'ooloojii namtolchee sammuu isaaniitti guutanii, sana waliin isaan ergu. Bara akkamii keessa jiraachaa jirraa!

Boolla bishaanii namtolchee! Rakkoo hin qabu.... Wanti xiraa'u maali jettanii hin dinqifatinaa. Oo, maaloo! Sababiin isaas isa namoonni irraa waraabanii dhugaa jirantu xiraa'a waan ta'eef.

66 Namoonni bara har'aa gammaduu yeroo barbaadan maal godhu? Namoonni, gammachuu Gooftaa fudhachuu dhiisanii gara gammachuu cubbuu irraa argamuutti galagaluu. Namoonni waldaatti deddeebi'an, warrumti tajaajilaa Kiristoos ta'uu isaanii himatan, yeroo yaaddoo hamaan isaan qabatutti sigaaraa qabsiifatu. Yeroo bashannanuu barbaadanitti immoo uffata isaanii isa safuu hin eegne ofitti maxxansanii yeroo dhiirri tokko bira darbuu dhufutti isa kiyyeessuuf gadi jedhanii marga buqqisu. Nama beekamaa ta'uuf waan hin godhin hin qaban. Taatowwan urjii fiilmii keessaa fakkaachuu barbaadu. Yeroo Yesuus, "An isiniif ga'aa dha" jedhutti, isaaniin garuu sanatu isaan gammachiisa. Sababni isaan gara sana deemaniifis, burqaa sana irraa dhuguu waan hin barbaanneefi. Isaan isa tuffataniiru. Isarraa dhuguu hin barbaadan. Isaan sirna namtolchee wayii, boolla bishaanii wanti xuraa'aan keessa ciisu wayiitti makamanii akkuma waan sanaatti adeemu.

67 Kaleessa ijoollee qabannee gara lagaatti gadi buunee turre—kaleessa moo, Sambata Duraa ganama tute. Lagatti gad buune; Biiliin bidiruu keessa taa'ee qurxummii qabaa ture. Akkasumas ijoollee (ilma ilma kootii isa xiqqaa, intala koo, fi ilma koo isa xiqqaa) fudhannee bidiruu lagarra ofuuf olitti baane. Namoota xuraa'oo, kosaa'oo, xiraa'oo fi gartokkeen isaanii qullaa lagicha jiraniif iyyuu bidiruu oofuun rakkisaa dha. Bidiruun tokko nu cinaan ol dhufte, tuuta ijoollee dhiiraa xixiqqoo waggaa kudha lamaa, kudha afur ta'anii feetee deemti turte, ijoollonni sun harka qaruuraa biiraa fi sigaaraa qabatanii jiru turan. Sana eгаа kan isaan "bashannanuu" jedhan. Oo, maaloo! Addunyaan kun sirna akkasiitin hanga yoomiitti jiraatti laata!

68 Sana booda yaada gaafa duunu si'oolitti galla jedhu irraa walaba ba'uuf wanti isaan godhan yoo jiraate, dhaqanii boolla bishaanii isa namtolche kana keessaa tokkotti makamuu dha. Kanaafis namootuma gosa tokkotu boolla bishaanii sana keessa jira. Tuuta xuraa'oo, 'wiggletails' xuraa'oo addunyaa kanaa malee homtuu achi keessa hin jiru. Isaan sanaa wajjin hidhata uummatu, sababiin isaas akkuma haati koo dullattiin dur, "Allaattiin koola tokkoo wal faana balalii ti" jettuu ti. Gara burqichaa dhufanii jireenya cubbuu irraa of hin qulqulleessan. Isaan bakkee sana keessa jiraachaa, nuyi kiristaana jedhanii dhugaa ba'uu itti fufuu barbaadu. Maalif? Isaan Isa, burqaa gammachuu isa dhugaa, jireenyaa, jireenya mudaa hin qabnee fi quufa isa ta'e irraa garagalaniiru. Sababni isaan kana godhaniif kanaafi, sababiin isaas isaan harka wal qabachuu barbaadu. Namoota akka isaanii warra waan akkasitti amanan achii qabu.

69 Dhi'eenyuma kana ana, obboleessa keenya Fireedii fi obboleessa keenya Toom taanee, tarii nama miira gaarii nuuf qabu wayii argachuu dandeenyaa laata jennee yaadnee, gara waldaa Baaptistii beekamaa magaalaa Tuuksan keessa jiru tokkoo dhaqne. Namichi taajilaa jirus waa'ee saba biyya Gibxii turanii waan biraa wayii dubbatee, isaan yeroo achii jiranitti qullubbii fi waan kana fakkaatan nyaachaa tura, erga ba'anii boodas achitti deebi'anii isa nyaachuu barbaadan yaada jedhu irratti lallabaa ture. Innis, "Namoonni bara si'anaas akksama" jedhe. Nuyis—hundi keenya "Ameen!" jenne. An takkaa tuuta namoota akkasii hin argine! Guutummaan waldaa lallabicha irraa ija buqqifatee, eenyu akka "Ameen" jedhe ilaaluuf of duuba garagale. Na'anii akka nama du'ee waan ta'an fakkaatan. Inni maal akka ta'e hin beekan turan. Yeroo...Daawit akkas jedhe, "Yaa guutummaa lafaa, Waaqayyotti gammaduu kee guddisii dhageessisi, ililleedhaanis faarfadhu! Kiraaraa fi sagalee faarfannaatiin Waaqayyoon jajadhaa!" jedhe. Waaqayyo saba isaatiin jajama. Isaan yeroo barataa jiranitti, yummuu wanti sirriin dubbatamu kamuu,

“Ameen” haa jedhan.

70 Maaliif sirna fi boolla bishaanii isa kan biyya lafaa kana irraa gara sirna Waaqayyoo isa amanamaa, isa eela burqaa bishaanii ta'e Yesus Kiristoositti hin deebinu. Maaliif gara Isaatti hin deebitan? Iddoon gamachuu guddaa argannu, iddoon jajannaa guddaa argannu, iddoon quufa guddaa argannu Waaqayyoo dha. Tasgabbiin narvii kootii Waaqayyoo biraa dhufa. Yeroon dabbaramu, Kiristoos keessaan si'aa'ina argadha malee, sigaaraa keessaa miti, wantoota biyya lafaa keessaas miti, damee amantii tokkotti makamuu keessaas miti, Isa qabaachuu kootiin malee, Dubbii abdachiifame isa Inni, “Ani yoon deeme, isin fudhachuuf deebi'ee nan dhufa” qabaachuu kootiin malee. Gammachuu koo sana keessaan argadha. Inni gammachuu kooti.

71 Isaan har'a wantoota kanneenitti makamuu fi Mana Maree Waldoota Addunyaa hundeessuun isaanii iddoo jireenyaaf fooyya'aa ta'e uumuuf akka deemaa jiran dubbatu. Akka yaada koo isa amanamaatti garuu, isaan iddoo cubbuu fooyya'aa keessatti hojjetan uumuuf deemaa jiru. Sun haqa... Guutummaan waan sanaa cubbuu dha. Keessa jiraachuuf miti, keessatti du'uuf malee. Iddoo keessa jiraannu nuuf tolchuu mannaa, iddoo keessatti cubbuu hojjennu nuuf tolchaa jiru.

Yesuus Kiristoosii fi Dubbii jireenyaa Isaatiin alatti wanti biraa kamiyyuu qodaa bishaanii isa urataa dha. Wanti isin isa bakka buusuuf yaaltan kamiyyuu, wanti isin nagaa naaf fida jettanii yaaltan kamiyyuu, wanti isin jajjabina naaf kenna jettanii yaaltan kamiyyuu, gammachuun waan biraa bakka isaa buusuudhaan nan argadha jettanii yaaltan kamiyyuu, boolla bishaanii isa urataa xuriin guutuu ti. Inni gammachuu guutuu namaaf kenna.

72 Asitti nan yaadadha ganna lama dura balbala borootiin gadi ba'een ture. Dargaggeessi kalabbeen (snicklefritz) bakkee sana keessa ture tokkos akkas naan jedhe, “Sababa yeroo hunda waa'ee dubartootaa akkasitti dubbattuuf beektaa, waa'ee uffata gaggabaaboo uffachuu fi wantoota kaanii sababa dubbattuuf beektaa?” naan jedhe, itti fufees, “sababii ofii keetiif jaarsa taateefi” naan jedhee, “Sababni isaa kanuma qofa” naan jedhe.

Anis, “As ilaali mee. Umuriin kee meeqa?” jedheen gaafadhe.

Innis, “Digdamii torba” jedhe.

Anis, “Yeroon waggoota hedduudhaan sirra xiqqaa turettis kanuman lallabaa ture!” Burqaa dheebuu na baasu argadheera; Inni qooda kooti. Ameen! Hanga Inni sana kennetti, miidhaginni isuma. Sun miidhagina kooti, Isa ilaaluu, hojii harkaa isaa ilaaluu fi waan Inni hojjetu ilaaluutu na gammachiisa. Burqaan biraa ani beeku hin jiru.

Oo! dhngala'aa gati jabeessa

Isa akka cabbii na addeessu;

An burqaa kan biraa hin beku,

Dhiiga Yesuus malee.

Burqaa dhiigaan guutametu jira

Hidda dhiigaa Amaanu'eel keessaa kan yaa'u;

Cubbamoonni lolaa isaa jala galan,

Xuriin yakka isaanii hundi irraa ba'a.

73 Ani isinittan hima, burqaa sana malee burqaan biraa ani beeku hin jiru. Yeroon xuraa'aa turetti isatu na qulqulleesse. Inni qulqullummaatti na eega, sababiin isaas ani sirriitti isatti jiraachuun barbaada, bishaan qulqulluu lubbuu koo gammachuudhaan guutu kana dhuguun barbaada. Ani akkas nan ta'a—an takkaa mataa buusee lafan dhaqu hin qabu jedhee hin yaadda'u—marsaa biraatii eessan dhaqa hin jedhu, eessayyuu hin deemu, yeroon abdii kutadhutti jibeenfadhee quba koo abdii koorraa kaa'een, “Yaa Waaqayyoo Gooftaa, Ati humna kooti, Ati duwwaan na geessa, Ati waan hundaa kooti”n jedha. Yeruma sana wanti tokko keessa kootii ol bubbisuu jalqaba, wanta na dhisu sana keessaan ba'a!

74 Akkuman waggaa shantama darbeen, ganama tokkon hirribaa ka'uun barbaade.... Akkam akka namatti ulfaatu ni beektu, miilla siree irraa gadi baasuun ni ulfaata. Maaloo, sieerraa gadi bu'uun baay'ee cima, eгаа gaaf tokko namni wayii balbala dura dhaabatee na eegaa waan jiruuf Biiliin iddoo balaa tasaa wayii dhaquu akka qabnu natti hime, ani immoo, “Akkamittan deemu danda'a eгаа?” jedheen yaade. Miila tokko gadi buusuufan yaale; “Ati burqaa keetiin humna koo guuti!” jedheen yaade. Ameen! “Humni koo fi gargaarsi koo Gooftaa biraa dhufa. Ati burqaa kooti; Ati humna dargaggummaa kooti” “Warri Waaqayyoon eeggatan humna isaanii in haareffama; akka joobiraa baalleedhaan ol in ka'u. Isaan in fiigu garuu hin dadhaban; in adeemu garuu hin mudhukaa'an.” “Waaqayyoo gooftaa, iddoo kana deemuun

dirqama kooti. Gita hojiin itti waamamee ti" yummuun jedhutti, wanti jalqaba beekuu qabdan yoo jiraate, wanti ta'e tokko keessa kootii gungumuu jalqabe.

75 Guyyaa tokko bakka xiqqoo wayii as Topeka, Kansas keessa jirtutti wal ga'ii qabna turre, gurbaa tokko, lallabaa dargaggeessa tokkotu ture, inni ispoonsaroota koo warra jalqabaa keessaa tokko ture ... Obboleessa keenya Rooy, inni amma as taa'ee jira, iddoo sanas ni yaadata. Iddoo guddaa achi jiru kana keessatti, dallaan yookiin keenyan manaa tajaajilaa kana irratti jige, innis isa jalatti awwaalamee akka hin jirre ta'ee ture. Mucaan miskiinni sun sadrakaa du'uu irra ga'e. Tiruun isaa ni dho'e; tiruun isaa iddoodhaa socho'e; waan baay'ee ulfaataatu isarratti kufe.

Ciree nyaachaan haadha manaa kootti haasa'an ture. Anis, "Haadha warraa, Yesuus utuu as jiraatee, maal akka godhu beektaa?"n jedheen. Itti dablees, "Yeroo inni ispoonsara na godhe—Dubbi Waaqayyoo sana nan amana—inni Kiristoosiin ispoonsara gochaa ture"n jedheen. "Sun kiyyoo seexanaa ti"n jedheen. "Yesuus osoo as jiraatee, silaa bira deemee harka Isaa qulqulluu isarra kaa'a ture. Mucaan sunis ni fayya ture. Kaleen isaa yoo dho'es na hin dhibu. Inni ni fayya, sababiin isaas Yesuus eenyummaa Ofii Isaa sirriitti beekke achitti ol seena. Inni waamicha isaa ni beeka, Caaffanni Qulqullaa'aan sirrii dha, Inni Eenyu akka ta'e akka beekuuf Isa keessatti mirkaneesse malee gaaddidduu shakkii hin qabaanne. Silaa harka Isaa irra kaa'ee 'Ilma koo, fayy'i' jedhee achii gadi ba'a ture"n jedheen. Itti fufees, "Gurbaa sana ajjeesuuf seexanni si'ool keessatti hafe hin jiru"n jedheen." "Inni ni fayya"n jedhe. Garuun jedheen, "Argitaa, damma koo, Inni Yesuus ture, Inni qulqulluu harka Waaqayyoo ture"n jedheen. Anis, "Ani cubbamaa dha; An fedha fooniitiinan dhaladhe. Abbaa fi haati cubbamoota turan. Anis gaarii tokkollee hin hojjenne"n jedheen. Anis, "Garuu waan ta'u beektaa? Gooftaan mul'ata naaf kennee yoo achitti na erga, sun ni geeddarama." Anis, "Yoo Inni mul'ata naaf kenne, ani gadi nan bu'a, harka koos isarra nan kaa'a, siree isaa irraas in bu'a"n jedheen.

76 Achiis yaada keessan seense, "Maraafuu, mul'atamoo akkam, maalidha sun? Harkuma xuraa'aa sanatu isarra kaa'ame, namichuma sanatu kadhachaafii ture, harkuma xuraa'aa sana." Achiis, "Ani bakka bu'aa isaati. Waaqayyoo ana hin ilaalu. Dhiigni Nama qajeelaa sanaa achi iddoo aarsaa irra jira; araara naaf godha. Inni ga'aa kooti, Inni kadhannaa kooti, Inni jireenya kooti" jedheen yaaduu jalqabe. "Wanti tokkichi ani gochuu qabu amantiidhaan harka koo isarra kaa'uu qofa, sababiin isaas ani mul'ata nan amana, mul'ati yoo dhibes amantiin waanuma mul'ataan ta'u ni godha!"n jedhe. "Kanaafis ani homaatti of hin lakkaa'u, waan hundumaa koo Isattin lakkaa'a malee. Inni jireenya kooti; Inni komishinara kooti. Waldaan amanti tokkollee na hin ergine; Inni na ergeera. Haleeluiyaa! Ani Maqaa isaatiinan deema. Amma, harka koo isarra nan kaa'a." Anis achitti gadi nan bu'e, gurbicharras harka koo nan kaa'e, innis fayyee halkanuma gaafa sanaa walga'ii irraa hirmaate. Ameen!

77 Oo, eeyyee, Inni burqaa sana. "Burqaan biraa ani beeku hin jiru. Dhiiga Yesuus malee kan biraan hin beeku."

Ani nama xiraa'aa dha; Ani nama nama ganu dha; tokkoon tokkoon keenyas akkasuma. Waaqayyoo duratti garuu nuyi nama mudaa hin qabne dha. "Egaa abbaan keessan inni waaqarraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa." Akkamitti akkas ta'uu dandeessu? Sababni isaas inni mudaa hin qabne bakka keenya bu'ee achi waan jiruuf. Burqichi yeroo hundumaa jira, haaraadha, waan walitti kuufamu wayii miti, guyyaa guyyaadhaan taliila haara'udha malee, isatu cubbuu koo hunda narraa dhiqa. Egaa Inni burqicha.

78 Amma, dhuma irratti kana jechuun barbaada: Wanti kana irraa adda ta'e kamiyyuu gaanii bishaanii urataa ti, dhumarrattis waan isin itti guuttan of keessaa yaasa. Yoo abdi keessan hundumaa, yeroo keessan hundumaa, waan hundumaas boollawwan kuusaa bishaanii kanneen keessaa tokko keessa kaa'aa jirtu ta'e.... isaan qodaa bishaanii uratoodha jedheera Yesuus. Isaan uratoodha jedhe Waaqayyoo, isaan waan isin itti naqxaan hundumaa of keessaa yaasu. Isaanii wajjin fagoo deemuu hin dandeessa, sababni isaas ni dhangala'u. Karaan gara dhugaatti, gara jireenyaatti, gara gammachuu bara baraa fi nagaa bara baraatti geessu Isa tokkicha waan ta'eef. Inni tokkicha karaan isatti geessus tokkicha.

Oo, maaloo! Burqaa jireenyaa waraabamee hin dhumne Yesuus Kiristoos dha. Maalif? Inni eenyudhas? Inni Sagaledha, isuma sana; Sagaleedha, jireenya, burqaadha, kaleessa, har'as, bara baraanis isuma sana. Amanaa dhugaa nama ta'eef, gammachuun isaa inni ol aanaan, jireenyi isaa inni ol aanaan, itti quufinsi isaa inni ol aanaan Kiristoos keessa jira. 'Pump' gochuu miti, harkisuu miti, itti makamuu miti, wabii dhi'eeffachuu miti, amananii boqochuu qofa. Inni warra amananiif akkasi.

79 Akkuma abbaa keenya Abrahaamii ti, inni takkaa harkisee hin beeku; inni gonkumaa dhiphatee hin beeku; inni gonkumaa hin dadhabne; inni Sagalicha qaba ture. Innis harma 'El Shaddai' irratti hirkate. Yeroo Abrahaam waggaa dhibba tokko guutetti Waaqayyoo isatti mul'atee, "Ani Hundaa Danda'aa dha (afaan Ibirootaatiin El Shadda'i dha, hiikni isaas "nama harma baase" jechuu dha), ati immoo dulloomteetta, humni kees dhumeera, garuu qoma kootti hirkadhuutii humna kee burqaa kanarraa hodhi" jedheen. Ameen! Isa hodhees maalitti jijjiirame? Dhagna haaraatti jijjiirame. Saaraa irraas ilma godhate, waggaa shantama booda immoo dubartii biraa irraa ijoollee torba godhate!

Oo, yaa El Shaddai! Kakuun Moofaa waan Inni hojjetee darbe agarsiisa, Kakuun Haaraa immoo waan Inni hojjechuuf jiru hima. Ameen! Kakuu Moofaa keessatti....

80 Amma, tamsaasi qilleensarraa cufaa dha, kanaafuu amma ariifadheen asumatti dhaaba, daqiiqaa muraasa keessattin xumura. Osoon hin hin dhaabin dura garuu kana jechuun barbaada. Muuxaannoo fakkeenya gaarii nuuf ta'u tokkon qaba. Gaaf tokko bobbaa eegumsaarran ture. Namoonni baay'een as jirtan, naannoo Joorji Taawon irraa dhuftan, achuma tulluwwan Miiltaawonitti argaman keessa burqaa bishaanii tokkodu ture. Boolla burqaa bishaan yaa'uutu ture. Innis burqaan isaa ol fageenya faana afur ykn shan ta'utti ol darbatamature, yeroo hundumaas utuu addaan hin citin akkasitti ol danfee yaa'a, maddi burqaa bishaanii baay'ee guddaan naannoo sana waan jiruuf biqiloonni akka 'pennyroyal' baay'een achitti margu, biqiloota kana ni beektu, biqiloonni sun biqilaa 'mint' kan fakkaatani dha. Akkasumas oo, yeroon dheebodhu achin dhaqan ture (oo, maaloo!), iddoo burqaa sanaa ga'uun! Anis bishaan kana bira ciisee dhugee, dhugeen, achuma taa'ee dhugaan eegan ture. Waggaadhaa gara waggaatti burqaadhuma kana biran dhufan ture, inni gonkumaa hin hir'atu, bonas ta'e ganna. Cabbiitti hin geeddaramu. Bishaan madda irraa burqu cabbeessuu hin dandeessan. OO, lakki! Oo, lakki! Qilleensi hammam qorraa yoo ta'es sun na hin dhibu, inni hin cabbaa'u. Bishaan kuufamaan ykn haroo cabbiitti geeddarama qorruma xiqqootu akkas godha, hubadhaa. Garuuwanti deemu kamiyyuu, jireenya of keessaa qaba; ni socho'a, ni deema. Akkasumas bishaan maddaa well cabbeessuu hin dandeessan. Hafuurri naannoo sanaa hammam qabamaa ta'u iyyuu, burqaan kun yeroo hunda jiraataa dha. Boollichattii hin fagaatinaa, achi jiraadhaa.

81 Egaa utuun achiin darbaa jiruun isan achii dhugaa ture yaadadhe, oo, maaloo!, bishaan qulqulluu akkamii seetan! "Amma utuu yeroon bira ga'utti, bishaanitti gogee na eegee attaman ta'aa?" jettanii gonkumaa hin yaaddoftan. Inni yeroo hundumaa burqee yaa'a....

Jaarsi qotee bulaan tokko na argee, "Akaakayyuun koo isarraa dhugaa ture" naan jedhe. Itti fufees, "Inni gonkumaa hir'atee ykn homaa ta'ee hin beeku; ammallee akkuma sanatti gara Laga Biluutti gadi yaa'a" naan jedhe.

Anis, "Oo, maaloo! Bishaan argachuuf, maal iddoon gaarii akkasii!" jedheen yaade. Karaa irraa maqee bakka sana ga'uuf gara kiilo meetira tokkoon deeme, sababiin isaas iddoon bishaan akkasii irraa dhugaa ture waan ta'eef. Oo, bishaan sun bishaan gaarii attamii ture seetan! Oo, maaloo! Amma gara gammoojjiitti sanaatti, gara Arizoonatti ergan galee illee, ammallee waa'ee burqaa sanaa yaada. "Yaa burqaa dinqisiisaa dachaa sanaa, utuun amma gadi itti jedhee dhugee maal ta'a laata!" jedheen hawwa. Akkuma Daawit gaaf tokko, "Eeenyutu boollicha keessaa bishaan dhugaatii budduqsee anaaf fida laata!" jedheettan dharra'a. Daawit iddoo sana ga'uu hawwe.

82 Gaaf tokko immoo achitti gadi bu'een, wanti xiqqoo nama kofalchiisu tokkon na mudate; anis, "Maaltu yeroo hundumaa akkas si gammachiisaa? Akka kee kana gammaduun hawwe. Maaliif jennaan, ergan as dhufee takkaa si'ii gaddu argee hin beeku. Wanti gadda jedhamu tokkollee si bira hin jiru"n jedhe. Itti fufees, "Yeroo hunda gammachuudhaan guutamta; ol utaalta ol finiintas, addas hin kuttu. Waqtii gannaas ta'e bonaa, qorraas ta'e ho'aa, waanuma fedhe yoo ta'es, ati yeroo hundumaa gammachuudhaan guutamta. Maaltu akka si godha—maalti wanti isaa—sababan sirraa dhuguufii?" jedheen gaafadhe.

"Lakkii."

Anis, "Tole egaa, tarii hilleettiwwan sirraa dhugu, sana akka gaariitti waan jaallatteef ta'innaa!"

"Lakkii."

Anis, "Baa'eessa, maaltu akkas si burraaqsisaa ree? Maaltu akkas si gammachiisa ree? Yeroo hundumaa gammachuudhaan kan si guutu maali ree?" jedheen gaafadhe. Ammas ittuma fufee, "Sababa simbirroonni sirraa dhuganiifii?" jedheen gaafadhe.

"Lakki."

"Sababa ani sirraa dhuguufii?"

"Lakki."

Ani immoo, "Ba'eessa, maaltu akkas gammachuudhaan si guuta ree?"

Boolli burqaa sun utuu deebisee natti dubbachuu danda'ee, silaa akkas jedha: "Obboleessa koo Biraanhaam, waan ati dhugduuf miti—sanaaf sin galateeffadha—simbirroota waanan dheebuu baasuufis miti. An nama narraa dhuguu barbaadu kamuu dheebuu nan baasa. Wanti ati gochuu qabdu yoo jiraate as dhuftee dhuguu qofa. Garuu wanti na gammachiisu, isan ol finiinee burraaqu miti, waan keessaa kootii na dhibu wayiitu akkas na godha malee. Waan ol na burqiisutu tokkodu akkan gammadu godha" jedha ture.

Jireenyi Hafuura Qulqulluun guutames akkasuma. Akkuma Yesus jedhe, Inni.... Inni boolla bishaanii isa

gara jireenya bara baraatti yaa'u, boolla burqaa bishaanii isa yeroo hundumaa guutee irra dhangala'u isiniif nan kenna jedheera. Guutummaan waldaa lafarraa yoo ol ka'es yoo gadi bu'es, isini ammallee burqicha bira jirtu. Isin burqaa tokkicha sanatti, boolla burqaa bishaan jireenyaatti affeeramtanii utuu jirtanii, maaliif sirna mana amantii isa moofa'aa fi boolla kuusaa bishaanii, isa ilbiisotaa fi waan munyuuqu hundumaan faalame akkasii dhugdu?

83 Akkamitti akkka inni ol dhiibamu, ol danfu, oomachaa'ee hasaasu, kolfu, gammadu, utaaluu fi birraaqu na yaadchisa. Qorra, rooba, ho'a, gogiinsa utuu hin jedhin, yeroo guutummaa biyyattiitti hongeen dha'amtee turtes, inni akkuma yeroo kaan hundaatti ol fincaa'aa ture. Sababni hiddi isaa gadi fagoo dha; dhagaa gadi fageenya lafaa keessa burqa.

Oo, an burqichaan jiraachuuf ka'eera. Sirna namtolchee keessan hunda keessaa kan barbaaddan fudhaa, boolla bishaan kuufamaa keessan hundumaa fudhaa, ani garuu gara boolla burqaa bishaanichaan dhaqa, gara madda burqaa bishaanichaan dhaqa. Mee ka'een iddoon Inni...guutun dhaqa. Gammachuun koo Isa; Inni ifa kooti; Inni ... Inni humna kooti; Inni bishaan kooti; Inni jireenya kooti; Inni fayyisaa kooti; Inni fayyisaa lubbuu kooti; Inni mootii kooti. Wanti na barbaachisu hundi Isa keessatti argama. Maaliifan gara waan biraa deemuu barbaada ree?

84 Obboleessaa, obboleettii, halkan kana gara burqaa kanaa hin dhuftuu? Hin dhuftuu? Takkaa isa bira dhaqxee hin beektu yoo ta'e, amma halkan kana osoo mataa keenya gadi qabannee jirruu maaliif isa hin fudhattu!

Boolla bishaanii inni urataan, ni dhangalaasa, ni dhimmisa, biyyi lafaas gara isaatti itti dhimmisa,kuufamni xurii gaanii keessaa inni yeroon irra darbe garaitti yaa'a. Maaliif jennaan, boolla burqaa isa kana keessatti wanti akkasii hin oroomu waan ta'eef, burqaa guddaan kun dhiiga ujummoo dhiigaa Amaanu'eel keessaa dhangala'uun guutame. Amma halkan kana maaliif isa hin fudhattan ree? Egaa halkan kana, lafa goggogaa, lafa dheebotaa kana keessatti Waaqayyo nu haa gargaaru. Akkuma raajichi jedhe, "Inni akka kattaa guddaa isa lafa dheebotaa keessa jiruu ti." Burqaan sun Isa dha. Halkan kana osooma kadhachaa jirruu, keessa garaa keessaniitti gara isaa hin dhufanii ree?

85 Abbaa jaallatamaa waaqarraa, burqaan biraa hin jiru (akkuma muuziqaan "Burqa biraa hin beeku, dhiiga Yesus malee hin jiru kan biraa" jedhee taphatamaa jiru). Ani achittan dhaladhe; achittan guddadhe; achuma jiraachuu, achumatti du'uu, achuma fuula isaa durattis deebi'ee du'aa ka'uu nan barbaada. Yaa Gooftaa, yeroo hundumaa fuula isaa dura akkan jiraadhuuf na gargaari, sababiin isaa an isa malee homaa wantin beeku hin jiru, qanoonaan hin jiru, jaalalli kan biraa jiru—Kiristoos malee jaalalli kan biraa hin jiru, Kiristoos malee seerri biraa hin jiru, Macaafa Qulqulluu malee kitaabni biraa hin jiru, wanti biraa tokkollee hin jiru, Isaan alatti gammachuun hin jiru. Ati Isa narraa fudhannaan (Oo, Waaqayyo!), waan biyya lafaatiin hammam utuman badhaadhaa ta'ee illee, ammallee du'aa dha. Harka koo mataarra kaa'ee gadduu qofa ta'a carraan koo. Yaa Gooftaa, Ati Isa narraa fudhannaan, nan du'a. Garuu mee Inni na keessa haa jiraatu, yummus Muddeen akkuma ji'a Caamsaa namatti in tola; yummus iddoon gubaas iddoon lafa onaas hin jiraatu; duuti iyyuu namarratti aboo hin qabaatu. Yaa Abbaa, egaa Isa haa qabaannu. Amantoota halkan kana as jiran hundumaaf, dhimmanii mana kana keessatt akkuma eeggachaa turan, safara malee guddisii Isa isaaniif keenni.

Baay'een isaanii halkan kana gara mana mana isaaniitti galuuf yummuu konkolaachisanitti, karaa isaanii irrattis, "Ani burqaa biran jiraachaa jira; ani achin jiraachaa jira, sa'aatii sa'aatdhaan bishaan ho'aa (fresh) dhugaan jira" jedhanii yaadaa haa deeman.

Yoo hanga ammaatti sana hin arganne ta'e immoo, burqicha of duukaa qabatanii deemuu akka danda'aniif, adaraa ammuma Isa haa argatan. "Ani isinii wajjin nan deema; hanga dhuma biyya lafaattis isinii wajjin nan jiraadha." Yaa Abbaa, waan kana hundumaa nuuf raawwadhu.

86 Amma immoo, osooma mataa keenya gadi qabannee jirruu, halkan kana namni wayii yoo jiraate ykn nama meeqatu, "Yaa Gooftaa, ammuma kana gara burqichaatti na geessi. An gonkumaa akkasumaan dhaga'uuf qofa as dhufee hin beeku; an waan tokko baruufan as dhufa. Yaa Gooftaa, Si argachuuf as dhufeen jira. Halkan kana Situ na barbaachisa. Ammuma gara keessa laphee kootii kottu. Yaa Gooftaa, kana naaf raawwattaa?" jedha? Waaqayyo isin haa eebbisu. Gooftaan tokkoon tokkoon keessan haa eebbisu.

87 Yaa Abbaa, Harka ol kaafame argiteetta, harka warra mana jala naanna'nii jiraniillee, kan warra kutaalee biroo keessa jiraniillee, kan warra ala jiraniillee argiteetta. yaa Abbaa, isaan argiteetta. Waan isaan barbaachisu hundumaa akka isaaniif dhi'eessituufan Si kadhada. Yaa Gooftaa, tarii boolla kuusaa bishaanii moofa'aa wayii, boolla namni wayii qotee walakkaatti dhiise wayii keessaa dhugaa turan ta'a. Inni doktiriiniwwan keessummaa namatti ta'an hundumaan faalameera, ganiinsa Sagalichaatiin faalameera. Yaa Waaqayyo, halkan kana gara Isa burqicha ta'ee, gara burqaa jireenyaa sana akka dhufaniif Sin kadhada. Yaa Abbaa, nuuf dhaga'i. Amma Maqaa Yesuusiin, isaan dabarseen Sitti kenna.

Ati immoo "Maqaa kootiin waan kamillee yoo gaafatte, siif in raawwatama" naan jetteetta. Amma,

yaa Gooftaa, utuun kun hin raawwatu jedhee yaadee, silaa hin gaafadhun ture. Silaa amalumaaf (ritual routine) qofaaf waanan jedhu ta'a ture. Ani garuu garaa koo irraa fudheen isaaniif kadhada; waan isaan abdachiifte akka isaaniif kennitu Si amaneen isaaniif kadhada.

Amma immoo, halkan kana boolla kuusaa bishaanii sana irraan isaan isaan fageessa. Iddoo isaan dhugaa turan, iddoo dhuganii dheebuu ba'uu dadhaban keessaan isaan baasa. Kanas Maqaa Yesuus Kiristoosiin nan raawwadha.

88 Yaa Gooftaa, isaan kan Kee ti. Isaan Si irraa, bishaan jireenyaa irraa, burqaa bishaan jireenyaa irraa haa dhugan. Maqaa Yesuusiin nan gaafadhaa. Ameen. Yaa Goofataa, isaaniif raawwadhu.

Oo, dhangala'aa gatii qabeessaa

isa akka cabbii na addeessuu;

Burqaan biraa hin beeku,

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Cubbuu koo maaltu dhiquu danda'a?

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa;

Maaltu guutummaatti na fayyisuu danda'a?

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Oo,.....

Yaa Yesuus, isaan kana fayyisi, yaa Gooftaa! Isaaniif raawwadhu yaa Gooftaa, yaa Waaqayyo kana akka gootuufiifis maqaa Yesuusiin Sin kadhada. Ati waan hundumaa beekta'oo.

Burqaan biraa hin beeku,

Oo, dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Mee yaadaa mee!. Kanan beeku burqaan biraa hin jiru. Isa malee waan biraa hin beeku. Isa malee waan biraa baruuf hin hawwu. Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Oo, dhangala'aa gatii qabeessaa

isa akka cabbii na addeessuu;

Burqaan biraa hin beeku,

Oo, dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

89 Utuma faarfachaa jirruu harka wal fuunee nagaa wal haa gaafannu. Walii walii keessan ni jaallattuu? Namni nama biraa wajjin wal dhabdee qabu as keessa jiraa? Yoo jiraate deemee haa araarmu, sana ni gootaa! Yaada akkasii qabannee asii ba'uu hin qabnu, hubadhaa. Yoo nama kamiyyuu irraa mufattanii qeeqhaniittu ta', ammuma deemaatii sirreessaa. Deemtanii, "Obboleessa ko, Obboleettii ko, waa'ee kee waa kana jedheeraa ... waan biraa natti fakkaate.... akkas gochuu barbaadee miti. Dhiifama naaf godhi" yeroon itti jechuu qabdan ammuma. Akkas ta'uu qaba. Yeroo hundumaa burqicha of gidduudhaa haa qabaannu, hubadhaa.

Burqaan biraa hin beeku,

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Oo, dhangala'aa gatii qabeessaa Isa akka cabbii na addeessuu;

Oo, burqaa biraa hin beeku,

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Oo, Inni waan ajaa'ibaa mitii? Burqaan biraa hin jiru. Waan biraatiin of hin faallu. Nuyi adda baaneerra, biyya lafaa of duubatti dhiifneerra. Kana booda qullubbii Gibxii fi qodaa bishaanii isa urataa hin hawwinu. Nuyi Gooftaa Yesuus, dhagaa rukutame sanaa wajjin (Ameen!) karaa deemaa jirra, mannaa waaqarraa nyaachaa dhugaas—nyaata ergamaa nyaachaa dhagaa keessaas dhugaa deemaa jirra. Ameen.

Burqaan biraa hin beeku,

Dhiiga Yesuus malee hin jiru kan biraa.

Mee mataa keenya gadi haa qabannee,

90 Waaqayyo tokkoon tokkoon keessan guddisee akka eebbisuuf, ayyaanni fi araarri Isaa torban dhufaa jiru kana keessatti isii wajjin akka ta'uuf nan kadhada, akkasumas wanti tokko ta'ee namni golgichaa irraa siqe tokkos yoo isin gidduu jiraate, yoo kan boqote jiraate, hamman wal arginutti sa'aatiin hirribaaf boqonnaa jirtu baay'ee xiqqoo akka taate yaadadhaa. Warri lubbuun jiraniif fi warri hafan warra rafan akka hin danqine yaadadhaa, sababiin isaas malakanni Waaqayyoo, malakanni inni dhumaa (inni ja'afaan ammumaa dhageessifameera), malakanni inni dhumaa immoo akkuma mallattoo isa dhumaa dhufaatii Gooftaa ta'a; inni ni dhageessifama, warri Kiristoos wajjin utuu jiraatanii du'anis dursanii ni ka'u. Isaan hanga yeroo sanaa qofaatti boqotu.

Yoo miidhamtanis, yaadadhaa:

Maqaa Yesuus qabadhaa deemaa,

Akka gaachana kiyyoo hundumaa qolatuutti;

Qorumsi yummuu isin marsu,

Kadhannaa keessa maqaa qulqulluu sana itti waamaa.

Seexanni ni baqata. Yaadadhaa, Dilbata dhufu ganama asitti akka wal argininu abdii qabna. Warra dhukkubsatanii fi warra rakkatan fidaa kottaa. Isiniif nan kadhada. Isinis naaf kadhada. Anaaf in kadhattu mitii? Mee, "Ameen!" jedhaa kaa. Waaqayyo akka isin eebbisuuf isiniif nan kadhada.

..... maqaa qulqulluu sana itti waamaa.

Maqaa qaalii, (Maqaa qaalii,)

Oo akkam mi'aawaa!

Abdii lafaarraa fi gammachuu waaqarraa;

Maqaa qaalii, Oo akkam mi'aawaa!

Abdii lafaarraa fi gammachuu waaqarraa.

Maqaa Yesuusiif sagaduudhaan,

Miila isaatti jalatti kufnee,

Mootii moototaa isa waaqarraa ni moosifna,

Yeroo deemsii karaa keenyaa xumuramu.

Maqaa qaalii (Maqaa qaalii, inni qaalii fi mi'aawaa mitii?)

Abdii lafaarraa fi gammachuu waaqarraa;

Maqaa qaalii, (Maqaa qaalii,)

Oo akkam mi'aawaa! (Oo akkam mi'aawaa!)

Abdii lafaarraa fi gammachuu waaqarraa.

91 Yeroo hunda si dhiisuun baay'ee ulfaataadha. Gubachuu kee beekus, garuu waa'ee.... Mee caqasa tokko dabalataan waan tokkoo haa ilaallu, ni goota? Ni raawwattuu? Eebbifamtuu Hidhamtuu Hidhu Obboleettii. Faarfannaa durii meeqatu beeka? Waggoota dura sirbichaa turre.

Halkan kanas yaadaa ture, dhibbaan lakkaa'aman kan hafan keessaa harka lama yeroo nuti faarfannaa sana naannoo godoo qulqullaa'aa sanatti faarfannee harka walitti makamnu. Eebbifamaa Hidhamtuu Hidhu. Baay'ee isaanii as ol bakka awwaalchaa keessatti awwaaleera. Isaan eegaa jiru. Ammas isaan nan arga. Yeroo tokko tokko mul'ata keessatti golgaa bira darbee yeroon ilaalu isaan nan arga; isaan achi jiru. Amma akkuma sirbinu mataa keenya haa gadi qabnu.

Funyoon walitti nu hidhu haa eebbifamu

Garaa jaalala kiristaanaa keenya;

Tokkummaan yaada firummaa

Akkuma isa waaqarraa ti.

Yeroo (Amma, walitti siqnee nama nu biraa haa qabannu.) addaan baanu,

(Amma, mataa keessan gadi qabadhaa.)

Keessa keenyatu nu dhukkubsata;

Garuu ammayyuu garaadhaan wal bira in jiraanna,

Deebinee wal arguuf abdii qabna.

Amma akkuma mataa keenya gadi qabannee jirrutti, kadhannaadhaan akka nuuf xumuruuf, tajaajila hafe gara paasteriittan dabarsa.



www.messagehub.info

Kan Lallabame

Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7